


# HERREGA

Kitaaba Barattoota



## Kutaa 2



## Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



**Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojiirra oolchi:**

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabtara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsi'e kamiyyuu happeessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddoo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

# HERREGA

## KITAABA BARATTOOTAA

### KUTAA 2

#### Qopheessitoonni

Taaddasaa Raggaasaa

Tasfaayee Guddataa

Taklamaariyaam Guutamaa

#### Gulaaltonni

Tashoomaa Tamasgeen

Bortolaa Tashoomaa

#### Madaaltonni

Xilaahun Alamuu

Simmeny Tasammaa

#### Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Roobeetiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.


# BAAFATA

## BOQONNAA

1

### LAKKOOFSOTA HUNDAAMMA 1,000TTI.....

1



- 1.1 Dhibbootaan Lakkaa'uu..... 1
- 1.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000tti..... 4
- 1.3 Gatii Bakkaa Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000tti..... 7
- 1.4 Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000tti Tartiibessuufi Waliin Madaaluu..... 12

## BOQONNAA

2

### IDA'UUFII HIR'ISUU LAKKOOFSOTA DIJITHI SADIH.....

17




- 2.1 Ida'uu Lakkoofsota Hundaa Hammaa 1,000tti ..... 17
- 2.2 Hir'isuu Lakkoofsota Hundaa Hammaa 1,000tti ..... 26
- 2.3 Piroblemota Jechaa Ida'uufi Hir'isuu Ofkeessaa Qaban..... 32

## BOQONNAA

3

### BAAY'ISUU LAKKOOFSOTA HUNDAAMMA 100TTI.....

35



- 3.1 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti Jiran 2'n Baay'isuu..... 35
- 3.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 2 Fi 10niin Baay'isuu..... 37
- 3.3 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 0 Fi 1 Niin Baay'isuu ..... 39
- 3.4 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 3, 4, 5, 6, 7, 8, Fi 9 Niin Baay'isuu ..... 41
- 3.5 Piroblemota Jechaa..... 53

## BOQONNAA

4

### WALAKKAAWWANIIFIKURMAANOTA.

54



- 4.1 Walakkaawwan..... 54
- 4.2 Kurmaanota..... 60

**BOQONNAA**

**5**

**PAATARNOOTA..... 66**




- 5.1 Yuunitii Deddeebii..... 66
- 5.2 Miseensa Hanqate..... 70

**BOQONNAA**

**6**

**SAFARA DHEERINAA, HANGAAFI QABEE ..... 74**




- 6.1 Dheerina Safarituuwwan Aadaafi Santiimeetiraafi Meetiraan Safaruu ..... 74
- 6.2 Ida'uufi Hir'isuu Dheerina Yuunitoota Walfakkaaataa..... 78
- 6.3 Hanga Giraamiifi Kiiloo Giraamiin Safaruu..... 80
- 6.4 Ida'uufi Hir'isuu Hanga Yuunitoota Walfakkaaataa..... 82
- 6.5 Qabee Dhangala'oo Miliilitiriifi Litiriin Safaruu..... 84
- 6.6 Ida'uufi Hir'isuu Qabee Yuunitoota Walfakkaaataa..... 86

**BOQONNAA**

**7**

**QABANNAA DAATAA..... 89**




Maangoo Muuzii Appilii Burtukaana

- 7.1 Daataa Funaanuu..... 89
- 7.2 Giraafota Fakkii Irraa Daataa Ramaduu..... 93
- 7.3 Wantoota Fayyadamuun Daataa Gurmeessuu..... 97

**BOQONNAA**

**8**

**BOCOOTAJI'OOMEETIRII..... 99**



- 8.1 Ramaddii Bocoota Diyaameenshinii LamaaYaadaan Mul'isuu..... 99
- 8.2 Bocoota Rogootaafi Varteeksota isaaniitiin Ibsuu..... 100
- 8.3 Danaalee Walfakkaatoo Hamma Isaaniitiin Waliin Madaaluu..... 102
- 8.4 Danaalee Jaboo Adda Baasuu..... 103

## BOQONNAA

### 9

## SHARAFAMAALLAQA ITOOPHIYAA... 106




- 9.1** Maallaqa Itoophiyaa Fayyadamuun Mallaqa Ida'uufi Hir'isuu..... 106
- 9.2** Bittaaafi Gurgurtaa..... 112
- 9.3** Pirobleemota Jeechaa Furuu..... 114

## BOQONNAA

### 10


## SAFARA YEROO ITOOPHIYAA..... 116



- 10.1** Yeroo Sa'aatiin, Walakkaa Sa'atiiniifi Kurmaana Sa'aatiin Sa'aatii Anaalogiifi Sa'aatii Dijitaalaa Irratti..... 116
- 10.2** Sa'aatiifi Daqiiqaa..... 119
- 10.3** Probleemota Jechaa Yeroo Furuu..... 121

# BOQONNAA

# 1



## LAKKOOF SOTA HUNDA HAMMA 1,000TTI

### 1.1 Dhibbootaan Lakkaa'uu

#### Gocha 1.1

- Baay'attoota 10 hamma 100 jiran tarreessi.
- Baay'attoota 100 qomaan lakkaa'i.
- 200, 300, 400, 500, 600 fi 700 daree keessatti dubbisi.
- Lakkoofsota akka 400, 500, 600 fi 700 ida'ama baay'attoota 100 tiin ibsi.

#### Fakkeenya 1

a.  $2 \times 10 =$  \_\_\_\_\_

b.  $3 \times 10 =$  \_\_\_\_\_

c.  $2 \times 100 =$  \_\_\_\_\_

d.  $3 \times 100 =$  \_\_\_\_\_

#### Furmaata

a.  $10 + 10 = 20$  ta'a.

$$2 \times 10 = 10 + 10 = 20$$

Kanaafuu, 20 baay'ataa 10ti.

b.  $10 + 10 + 10 = 30$  ta'a.

$$3 \times 10 = 10 + 10 + 10 = 30$$

Kanaafuu, 30 baay'ataa 10ti.



**c.**  $100 + 100 = 200$  ta'a.

$2 \times 100 = 100 + 100 = 200$

Kanaafuu, 200 baay'ataa 100ti.

**d.**  $100 + 100 + 100 = 300$  ta'a.

$3 \times 100 = 100 + 100 + 100 = 300$

Kanaafuu, 300 baay'ataa 100ti.

## Fakkeenya 2

Baay'attoota 100 armaan gadii ida'ama baay'attoota 100 tiin barreessi.

**a.**  $200 = 100 + \underline{\hspace{2cm}}$

**b.**  $400 = 200 + \underline{\hspace{2cm}}$

**c.**  $600 = 400 + \underline{\hspace{2cm}}$

**d.**  $700 = 500 + \underline{\hspace{2cm}}$

**e.**  $800 = 700 + \underline{\hspace{2cm}}$

**f.**  $500 = 300 + \underline{\hspace{2cm}}$

## Furmaata

**a.**  $200 = 100 + \underline{\hspace{2cm}}$

200 ida'ama baay'attoota 100tiin barreeffamuu danda'a.

Kanaafuu,  $200 = 100 + 100$  ta'a.

**b.**  $400 = 200 + \underline{\hspace{2cm}}$

400 ida'ama baay'attoota 100tiin barreeffamuu nidanda'a.

Kanaafuu,  $400 = 200 + 200$  ta'a.

**c.**  $600 = 400 + \underline{\hspace{2cm}}$

600 ida'ama baay'attoota 100tiin barreeffamuu nidanda'a.

Kanaafuu,  $600 = 400 + 200$  ta'a.

**d.**  $700 = 500 + 200$

**e.**  $800 = 700 + 100$

**f.**  $500 = 300 + 200$

## Gilgaala 1.1

1. Baay'attoota 100 bakka duwwatti guuti.

$\times$	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
100		200				600			900	1000

2. Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.

T.L	Lakkoofsa	Jechaan
<b>a</b>	100	
<b>b</b>	200	
<b>c</b>	300	
<b>d</b>	400	Dhibba afur
<b>e</b>	500	
<b>f</b>	600	
<b>g</b>	700	Dhibba torba
<b>h</b>	800	
<b>i</b>	900	
<b>j</b>	1000	Kuma tokko

3. Baay'attoota 100 armaan gadii ida'ama baay'attoota 100 tiin barreessi.

**a.**  $300 = 100 + \underline{\hspace{2cm}}$       **b.**  $500 = 200 + \underline{\hspace{2cm}}$       **c.**  $800 = 400 + \underline{\hspace{2cm}}$

**d.**  $900 = 600 + \underline{\hspace{2cm}}$       **e.**  $1000 = 700 + \underline{\hspace{2cm}}$       **f.**  $700 = \underline{\hspace{2cm}} + 100$

**g.**  $200 + \underline{\hspace{2cm}} = 500$       **h.**  $900 = 100 + \underline{\hspace{2cm}}$       **i.**  $800 = \underline{\hspace{2cm}} + 300$

4. Ayyaantuun haadha ishee irraa qarshii 400 fi abbaa ishee irraa qarshii 500 fudhatte. Walitti qarshii meeqa fudhatte?

## 1.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000tti

### Gocha 1.2

1. Baay'inni callee meeqa ta'a?



2. Lakkoofsota armaan gadii sagalee ol kaasuun daree keessatti dubbisaa.

a. 120

b. 254

c. 753

d. 871

e. 917

### Fakkeenya 3

Lakkoofsota armaan gadii dubbisuun jechaan barreessi.

a. 528

b. 976

c. 802

d. 754

### Furmaata

a. 528 = Dhibba shaniifi digdamii saddeet.

b. 976 = Dhibba sagaliifi torbaatamii ja'a.

c. 802 = Dhibba saddeetiifi lama.

d. 754 = Dhibba torbaafi shantamii afur.

### Fakkeenya 4

Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreeffaman lakkoofsaan barreessi.

a. Dhibbaafuriifi torbaatamii saddeet.

b. Dhibba saddeetiifi sagaltamii lama.

c. Dhibba sagaliifi soddonii sadii.

d. Dhibba tokkoofi jaatamii tokko.

e. Dhibba sadiifi torbaatamii sagal.

## Deebii

- a. Dhibba afuriifi torbaatamii saddeet = 478
- b. Dhibba saddeetiifi sagaltamii lama = 892
- c. Dhibba sagaliifi soddonii sadii = 933
- d. Dhibba tokkoofi jaatamii tokko = 161
- e. Dhibba sadiifi torbaatamii sagal = 379

## Gilgaala 1.2

1. Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.

- a. 285                      b. 309                      c. 457                      d. 794
- e. 673                      f. 801                      g. 529                      h. 980

2. Lakkoofsota armaan gaditti jechaan kennaman mallattoo lakkoofsaan barreessi.

- a. Dhibba afuriifi shantamii jaha = \_\_\_\_\_
- b. Dhibba lamaafi soddonii torba = \_\_\_\_\_
- c. Dhibba tokkoofi sagaltamii tokko = \_\_\_\_\_
- d. Dhibba saddeetiifi saddeettamii shan = \_\_\_\_\_
- e. Dhibba torbaafi shan = \_\_\_\_\_

## Fakkeenya 5

Lakkoofsota armaan gaditti kennaman irraa ka'uun gara fuulduraattiifi gara duubaatti lakkaa'i.

- a. 150                                      b. 512                                      c. 408

## Furmaata

- a. 150

Fuulduratti yommuu lakkoofnu: 150, 151, 152, 153, 154, ..., 1000

Duubatti yommuu lakkoofnu: 150, 149, 148, 147, ..., 1

**b.** 512

Fuulduratti yommuu lakkoofnu: 512, 513, 514, 515, 516, ..., 1000

Duubatti yommuu lakkoofnu: 512, 511, 510, 509, 508, ..., 1

**c.** 408

Fuulduratti yommuu lakkoofnu: 408, 409, 410, 411, 412, ..., 1000

Duubatti gaafa lakkoofnu: 408, 407, 406, 405, 404, 403, ..., 1

### Fakkeenya 6

Lakkoofsa gabatee konkolaataa armaan gaditti kenname dubbisi.

a.



b.



### Furmaata

**a.** Zeeroo jaha lama sadii saddeet jedhamee dubbifama.

**b.** Zeeroo lama lama jaha torba jedhamee dubbifama.

### Gilgaala 1.3

**1.** Lakkoofsota armaan gadii irraa ka'uun tokko tokko irra utaalun fuuldurratti lakkaa'uun hamma 1000 barreessi.

**a.** 420

**b.** 643

**c.** 892

**d.** 108

**2.** Lakkoofsota armaan gadii irraa ka'uun lama lama utaalun duubatti hamma

100 tti lakkaa'uun barreessi.

- a. 180                      b. 205                      c. 431                      d. 518

3. Lakkoofsota armaan gadii irraa ka'uun sadi sadi utaluun fuulduratti lakkaa'uun hamma 1000tti barreessi.

- a. 100                      b. 235                      c. 430                      d. 715

4. Lakkoofsa gabatee konkolaataa armaan gaditti kenname dubbisuun barreessi.



## 1.3 Gatii Bakkaa Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000tti

### A. Gatii bakkaa dubbisuufi gabateen agarsiisuu

#### Gocha 1.3

- Lakkoofsa 875 keessatti gatiin bakkaa lakkoofsa 8, 7 fi 5 meeqa akka ta'e gareen mari'adhaa.
- Lakkoofsa 906 keessatti gatiin bakkaa lakkoofsa 9, 0 fi 6 meeqa akka ta'e gareen mari'adhaa.

#### Fakkeenya 7

100	100	100	10	10	1	1	1	1
-----	-----	-----	----	----	---	---	---	---

- a. Dhibboota meeqatu jira?                      b. Kurnee meeqatu jira?  
c. Tokkee meeqatu jira?                      d. Walitti lakkoofsaan barreessi

#### Furmaata

- a. Dhibboota sadiitu jiru. Kunis,                      b. Kurnee lamatu jira.

yooo barreessinu 300 ta'a.

Kunis, yoo barreessinu 20 ta'a.

c. Tokkee afurtu jira.

d. Walitti lakkoofsaan yoo

Kunis, yoo barreessinu 4 ta'a.

barreeffamu 324 ta'a.

### Fakkeenya 8


Lakkoofsota armaan gadii gabatee fayyadamuun gatii bakkaa lakkoofsotaan ibsi.

a. 456


b. 938

#### Furmaata

a. 456



b. 938



## Hubadhu

Gatii bakkaa dijiitii lakkoofsa gaafa dubbifnu jalqaba gatii bakka tokkee, itti aansuun gatii bakka kurnee, dhuma irratti gatii bakka dhibbaa dubbifna.

## Fakkeenya 9

Lakkoofsota armaan gadii keessaa lakkoofsa bakkaa dhibbaa, lakkoofsa bakkaa kurnee fi lakkoofsa bakkaa tokkee dubbisaa.

a. 200

b. 700

c. 758

## Furmaata

	Lakkoofsa	lakkoofsa bakkaa Dhibbaa	lakkoofsa bakkaa kudhanii	lakkoofsa bakkaa tokkee
a.	200	2	0	0
	Dhibba lama			
b.	700	7	0	0
	Dhibba torba			
c.	758	7	5	8
	Dhibba torbaafi shantamii saddeeti			

## Gilgaala 1.4

1. Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaatiin ibsi.

Tartiiba qubee	Lakkoofsa	Bakkaa dhibbaa	Bakkaa kurnee	Bakkaa tokkee
A	279			
B	371			
C	807			
D	923			
E	752			
F	694			
G	470			




2. 100 100 100 100 100 10 10 10 1 1

- a. Dhibboota meeqatu jira?                      b. Kurnee meeqatu jira?  
 c. Tokkee meeqatu jira?                      d. Walitti lakkoofsaan barreessi.
3. Kanneen armaan gadii lakkoofsaan barreessi.
- a. Dhibboota 2 fi kurneewwan 5 fi tokkeewwan 4 = \_\_\_\_\_.  
 b. Dhibboota 7 fi kurneewwan 2 fi tokkeewwan 6 = \_\_\_\_\_.  
 c. Dhibboota 4 fi kurneewwan 7 fi tokkeewwan 9 = \_\_\_\_\_.

## B. Gatii bakkaa abaaasiifi kiyuubota irraa dubbisuufi agarsiisuu

### Fakkeenya 10


Abaakasiin armaan gaditti kenname gatii bakkaa irratti hundaa'ee qophaa'e. Gatii bakkaa tokkee keessa calleewwan 4, gatii bakkaa kurnee keessa calleewwan 2 fi gatii bakkaa dhibbaa keessa calleewwan 3 kaawwamaniiru.



Kanaafuu,  $324 = 300 + 20 + 4$  ta'a.

### Fakkeenya 11

Danaa armaan gadii keessa kurneefi tokkee meeqatu jira?




### Furmaata

Danaa kenname irratti hundaa' uun kurneewwan 4 fi tokkeewwan 7tu jiru.

### Fakkeenya 12

Danaa armaan gadii keessa kurneefi tokkee meeqatu jira?



### Furmaata

Danaa kenname irratti hundaa' uun kurneewwan 4 fi tokkeewwan 9tu jiru.

### Fakkeenya 13

Danaa iskuweerii fayyadamuun lakkoofsa 247 keessatti gatii bakkaa dijiitotaa ibsi.

<b>Dhibboota 2</b>		<b>kurnoota 4</b>	<b>Tokkeewwan 7</b>
$200 + 40 + 7 = 247$ ta'a.			



## Fakkeenya 14

Lakkoofsota cimdii cimdiin kennaman armaan gadii gidduutti mallattoolee “<”, “>” fi “=” fayyadamuun waliin madaalchisi.

a. 18 fi 21

b. 45 fi 38

c. 72 fi 72

d. 84 fi 81

## Deebii

a.  $18 < 21$

b.  $45 > 38$

c.  $72 = 72$

d.  $84 > 81$

## Fakkeenya 15

Mallattoolee “<”, “>” yookiin “=” fayyadamuun hariiroo lakkoofsota armaan gadii gidduu jiru ibsi.

a. 15  18

b. 105  98

c. 112  109

d. 688  714

## Furmaata


a. 15  18

b. 105  98

c. 112  109

e. 688  714

## Hubadhu



a. Sarara lakkoofsaa kana irratti  $212 > 211$  ta’a. Sababiin isaas sarara lakkoofsotaa irratti lakkoofsi karaa mirgaa yeroo hunda kan bita isaa jiru ni caala.

b. Sarara lakkoofsa kana irratti  $214 < 216$  ta’a. Sababiin isaas sarara lakkoofsotaa irratti lakkoofsi karaa bitaa yeroo mara kan mirgaa isaa jiruu gadi.

### Fakkeenya 16

Lakkoofsota kardiiwan armaan gadii irratti barreeffamanii kennaman xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.

a. 

20	3	18	16	8	12	19
----	---	----	----	---	----	----

b. 

25	38	19	53	44	61
----	----	----	----	----	----

#### Deebii

a. 

3	<	8	<	12	<	16	<	18	<	19	<	20
---	---	---	---	----	---	----	---	----	---	----	---	----

b. 

19	<	25	<	38	<	44	<	53	<	61
----	---	----	---	----	---	----	---	----	---	----

### Fakkenya 17

Gabatee armaan gadii irraa tartiiba lakkoofsota kennamanii eeguun bakka duwwaa guuti.

	2			5				9			
		15				19					24
25			28				32			35	
	38			41				45			
49		51			54				58		60

#### Deebii

1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12
13	14	15	16	17	18	19	20	21	22	23	24
25	26	27	28	29	30	31	32	33	34	35	36
37	38	39	40	41	42	43	44	45	46	47	48
49	50	51	52	53	54	55	56	57	58	59	60

**Gilgaala 1.6**

1. Xiyya lakkoofsotaa fayyadamuun mallattoolee “<”, “>” yookiin “=” bakka duwwaatti guutuun lakkoofsota lamaan waliin madaalchisi.

a. 140 \_\_\_\_ 142

b. 215 \_\_\_\_ 180

c. 589 \_\_\_\_ 589

d. 800 \_\_\_\_ 900

e. 301 \_\_\_\_ 405

f. 673 \_\_\_\_ 650

2. Lakkoofsota armaan gadii kaardii lakkoofsotaa irratti barreessuun tartiibaan agarsiisi.

a. 55, 44, 22, 33, 11, 77, 66, 99, 88

b. 52, 41, 37, 24, 69, 78, 14, 82, 96

3. Gabatee armaan gadii irraa tartiiba lakkoofsota kennamanii eeguun bakka duwwaa guuti.

	72			75	
77			80		
		85			88
	90			93	
95			98		

**Fakkeenya 18**

Itti fufaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

a. 9

b. 62

c. 209

d. 417

**Furmaata**

a. 10 itti fufaa 9 ti.

b. 63 itti fufaa 62 ti.

c. 210 itti fufaa 209 ti.

d. 418 itti fufaa 417 ti.

**Fakkeenya 19**

Dursaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.

a. 58

b. 321

c. 419

d. 893



**BOQONNAA****2**

$608 + 369 = \underline{\quad}$

$753 - 436 = \underline{\quad}$

**IDA'UUFU HIR'ISUU LAKKOOF SOTA  
DIJITII SADI****2.1 Ida'uu Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000tti****A. Hambifannaa Malee Ida'uu****Gocha 2.1**

1. Kanneen armaan gadii ida'i.

**a.**  $70 + 20 = \underline{\quad}$

**b.**  $100 + 300 = \underline{\quad}$

2. Manni barumsaa tokko barattoota qabxii olaana galmeessan Shamarran 200 fi dhiirota 100 badhaasa addaa kenne. Manni barumsichaa barattoota meeqa badhaase?

**Fakkeenya 1**

**a.**  $400 + 200 = \underline{\quad}$

**b.**  $800 + 100 = \underline{\quad}$

**Deebii**

**a.**  $400 + 200 = \text{Dhibboota } 4 + \text{Dhibboota } 2$   
 $= \text{Dhibboota } 6$   
 $= 600 \text{ ta'a.}$



**b.**  $800 + 100 =$  Dhibboota 8 + Dhibba 1  
 $=$  Dhibboota 9  
 $=$  900 ta'a.

### Gilgaala 2.1

1. Kanneen armaan gadii ida'i.

- a.**  $400 + 500 =$  \_\_\_\_\_      **b.**  $200 + 600 =$  \_\_\_\_\_      **c.**  $300 + 400 =$  \_\_\_\_\_  
**d.**  $300 + 300 =$  \_\_\_\_\_      **e.**  $100 + 700 =$  \_\_\_\_\_      **f.**  $700 + 200 =$  \_\_\_\_\_


2. Mooneet huccuu aadaa bitachuuf qarshii dhibba shan ofharkaa qabdu irratti dabalataan baankii irraa qarshii dhibba sadii baafachuu barbaachise. Mooneet walitti qarshii meeqaan huccuu bitte?

3. Caalaan ji'a waxabajjii keessa biqiltuuwwan 300 fi ji'a Adoolessaa keessa biqiltuuwwan 200 dhaabe. Ji'oota lamaan kana keessatti biqiltuuwwan meeqa dhaabe?

### Moodeelatti Fayyadamuun Ida'uu

### Fakkeenya 2


$343 + 112 =$  \_\_\_\_\_





Kanaafuu,  $343 + 112 = 455$  ta'a.

## Gilgaala 2.2

Fakkii moodeelatti fayyadamuun ida'i.

a. 

b. 

c. 

**Gabatee Gatii Bakkaa fayyadamuun ida'uu**

### Fakkeenya 3

Ida'ama kanneen armaan gadii barbaadi.

a.  $126 + 243 = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $315 + 264 = \underline{\hspace{2cm}}$

### Furmaata

Gatii bakkaa fayyadamuun ida'uu.

a.  $126 + 243 = \underline{\hspace{2cm}}$

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan	
1	2	6	
2	4	3	

→

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
1	2	6
2	4	3
		9

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
1	2	6
2	4	3
3	6	9

←

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
1	2	6
2	4	3
	6	9

Kanaafuu,  $126 + 243 = 369$  ta'a.

b.  $315 + 263 = \underline{\hspace{2cm}}$

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan	
3	1	5	
2	6	3	

→

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
3	1	5
2	6	3
		8

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
3	1	5
2	6	3
5	7	8

←

Dhibboota	Kurnoota	Tokkeewwan
3	1	5
2	6	3
	7	8

Kanaafuu,  $315 + 263 = 578$

### Gilgaala 2.3

Kanneen armaan gadii mala gatii bakkaa fayyadamuun ida'i.

<b>a.</b> 214 + <u>324</u>	<b>b.</b> 427 + <u>351</u>	<b>c.</b> 247 + <u>432</u>	<b>d.</b> 625 + <u>302</u>
<b>e.</b> 833 + <u>142</u>	<b>f.</b> 712 + <u>84</u>	<b>g.</b> 112 + <u>146</u>	<b>h.</b> 264 + 13

### Gatii Bakkaa Lakkoofsotaatiin Diddiriirsuun Ida'uu

#### Gocha 2.2

Kanneen armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsotaatiin diddiriiruun ida'i.

**a.**  $121 + 514$

**b.**  $491 + 108$

**c.**  $762 + 35$

### Fakkeenya 4

**a.**  $315 + 264 = \underline{\quad}$

**b.**  $116 + 382 = \underline{\quad}$

#### Furmaata

**a.**  $315 + 264 = \underline{\quad}$

Dura lakkoofsota kennaman gatii bakkaa isaaniitiin diddiriirsina.

$$315 = 300 + 10 + 5 \text{ fi } 264 = 200 + 60 + 4$$

Itti aansuun ida'amtoota gatii bakkaa isaaniitiin walitti idaana.

$$315 + 264 = 300 + 200 + 10 + 60 + 5 + 4$$

$$= 500 + 70 + 9$$

$$= 579$$

**b.**  $116 + 382 = \underline{\hspace{2cm}}$

Dura lakkoofsota kennaman gatii bakkaa isaaniitiin diddiriirsina.

$$116 = 100 + 10 + 6 \text{ fi } 382 = 300 + 80 + 2$$

Itti aansuun ida'amtoota gatii bakkaa isaaniitiin walitti idaana.

$$\begin{aligned} 118 + 382 &= 100 + 300 + 10 + 80 + 6 + 2 \\ &= 400 + 90 + 8 \\ &= 400 + 98 \\ &= 498 \end{aligned}$$

### Gilgaala 2.4

Kanneen armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsotaatiin diddiriirsuun ida'i.

**a.**  $814 + 151$

**b.**  $210 + 438$

**c.**  $655 + 341$

**d.**  $225 + 173$

**e.**  $324 + 460$

**f.**  $721 + 146$

**g.**  $217 + 121$

**h.**  $453 + 146$

## B. Hambifannaan Ida'uu

### Moodeelaafi Gatii Bakkaatti fayyadamuun Ida'uu

#### Gocha 2.3

Dubartoonni 452 fi dhiironni 273 waldaan hojjechuuf gumaa'an. Namoonni waldaan gurmaa'an hammam?

### Fakkeenya 5









$$194 + 451 = \underline{\hspace{2cm}}$$

	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
+	1	9	4
	4	5	1
			↓
	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
+	1	9	4
	4	5	1
			5

	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
+	1	9	4
	4	5	1
	6	<span style="border: 1px dashed red; padding: 2px;">1</span>	4
		4	5

Kanaafuu,  $194 + 451 = 645$  ta'a.

Ida'ama bakka kurnee keessatti kurnoota 14 arganna. Kurnoon 14 dhibba tokkoofi kurnoota 4 ta'a. 1 "dhibba tokko" waan agarsiisuuf gara bakka dhibbaatti dabarsuun dhibboota irratti idaana.

	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
	1	9	4			
+	4	5	1			
	6	4	5			

### Gilgaala 2.5

Kanneen armaan gadii hambifannaan ida'i.

<b>a.</b> $116 + 342$	<b>b.</b> $290 + 438$	<b>c.</b> $653 + 94$	<b>d.</b> $281 + 173$
<b>e.</b> $526 + 267$	<b>f.</b> $372 + 168$	<b>g.</b> $495 + 148$	<b>h.</b> $705 + 199$

### Algorizimii Waaltawaa fayyadamuun ida'uu

#### Gocha 2.4

1. Kanneen armaan gadii ida'i.

**a.**  $254 + 125 = \underline{\hspace{2cm}}$

**b.**  $619 + 326 = \underline{\hspace{2cm}}$

2. Jimma irraa buna kuntaala 512 fi Baalee irraa kuntaala 460 gara Finfinnee ergame. Waliigala buna kuntaala meeqatu gara Finfinneetti ergame?

### Fakkeenya 6

Ida'ama armaan gadii algoorizimii waaltawaa fayyadami ida'i.

**a.**  $263 + 512$

**b.**  $684 + 271$

## Furmaata

<b>a.</b> 263	Jalqaba Tokkeewwan ida'i, $3 + 2 = 5$
+ <u>512</u>	Itti aansuun kurnoota ida'i, $6 + 1 = 7$
<b>775</b>	Dhuma irratti dhibboota ida'i, $2 + 5 = 7$ Kanaaf, $263 + 512 = 775$ ta'a.

<b>b.</b> 684	Jalqaba Tokkeewwan ida'i, $4 + 1 = 5$
+ <u>271</u>	Itti aansuun kurnoota ida'i, $8 + 7 = 15$
<b>955</b>	Dhuma irratti dhibboota ida'i, $6 + 2 = 8$ Kanaaf, $684 + 271 = 955$ ta'a.

## Gilgaala 2.6

1. Kanneen armaan gadii algorizimii waaltawaa fayyadamuun ida'i.

**a.**  $265 + 132 = \underline{\quad}$       **b.**  $391 + 455 = \underline{\quad}$       **c.**  $619 + 162 = \underline{\quad}$

**d.**  $803 + 78 = \underline{\quad}$       **e.**  $296 + 183 = \underline{\quad}$       **f.**  $750 + 216 = \underline{\quad}$

2. Kanneen armaan gadii mala irraan gadee fayyadamuun ida'i.

<b>a.</b> 542 + <u>153</u>	<b>b.</b> 811 + <u>169</u>	<b>c.</b> 163 + <u>794</u>	<b>d.</b> 173 + <u>24</u>
<b>e.</b> 418 + <u>335</u>	<b>f.</b> 322 + <u>161</u>	<b>g.</b> 468 + <u>174</u>	<b>h.</b> 817 + <u>99</u>



## 2.2 Hir'isuu Lakkoofsota Hundaa Hammaa 1,000tti

### A. Liqeeffannaa Malee Hir'isuu

#### Gocha 2.5

- Kanneen armaan gadii hir'isi.
  - $500 - 200 = \underline{\quad}$
  - $700 - 300 = \underline{\quad}$
- Godina tokko keessa balaan konkolaataa waggaatti galmaa'e 300 ture. Hubannoo hawaasaafkennameen booda gara 100tti gadi bu'e. Balaan konkolaata hammamiin hir'ate?

#### Fakkeenya 7

Kanneen armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsaan diddiriirsuun hir'isi.

- $500 - 300 = \underline{\quad}$
- $900 - 400 = \underline{\quad}$

#### Deebii

- $500 - 300 = \text{Dhibboota } 5 - \text{Dhibboota } 3$   
 $= \text{Dhibboota } 2$   
 $= 200$
- $900 - 400 = \text{Dhibboota } 9 - \text{Dhibboota } 4$   
 $= \text{Dhibboota } 5$   
 $= 500$

#### Gilgaala 2.7

Kanneen armaan gadii gatii bakkaa lakkoofsaan diddiriirsuun hir'isi.

- $300 - 200 = \underline{\quad}$
- $800 - 600 = \underline{\quad}$
- $600 - 300 = \underline{\quad}$
- $700 - 200 = \underline{\quad}$
- $900 - 300 = \underline{\quad}$
- $400 - 200 = \underline{\quad}$

## Moodeelatti fayyadamuun Hir'isuu

### Fakkeenya 8


kanneen armaan gadii modeelotatti fayyadamii hir'isi.

a.  $435 - 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $435 - 200 = \underline{\hspace{2cm}}$

### Furmaata


a.



$435 - 10 = \underline{\hspace{2cm}}$   
**Furmaata:** Moodeloota jiran keessa Kurnee tokko kasuu.

Kanaafuu, Moodalli hafe 425 ta'a.

b.





$435 - 200 = \underline{\hspace{2cm}}$   
**Furmaata:** Moodeloota jiran keessa dhibboota lama kasuu.

Kanaafuu, Moodalli hafe 235 ta'a.



**Gilgaala 2.8**

Moodeela armaan gadii gargaaramuun hir'isi.



a. \_\_\_\_\_ - \_\_\_\_\_ = \_\_\_\_\_

b. \_\_\_\_\_ - \_\_\_\_\_ = \_\_\_\_\_



c. \_\_\_\_\_ - \_\_\_\_\_ = \_\_\_\_\_

d. \_\_\_\_\_ - \_\_\_\_\_ = \_\_\_\_\_

**Gabatee Gatii Bakkaa fi moodeela fayyadamuun hir'isuu.**

**Fakkeenya 9**

Gabatee gatii bakkaa fi moodeelatti fayyadamuun hir'isi.

a.  $573 - 422 =$  \_\_\_\_\_

b.  $386 - 153 =$  \_\_\_\_\_

## Furmaata

Dhibboota	Kurnoota	Tokkee	Dhibboota	Kurnoota	Tokkee
			5	7	3
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2
			-	4	2

## B. Liqeffannaan hir'isuu

### Moodeelatti fayyadamuun Hir'isuu

#### Gocha 2.6

Kanneen armaan gadii hir'isi.


a.  $72 - 55$

b.  $739 - 485$


c.  $506 - 354$

**Fakkeenya 10:**  $438 - 276 = \underline{\hspace{2cm}}$

#### Furmaata




Tokkeewwan Hir'isuu			
	4	3	8
-	2	7	6



3 - 7 waan hin dandaa'amneef Dhibbootafi kurnoota irra deebiin gareessuun = Dhibboot 3 li kurnee 13 ta'a

Kurneewan Hir'isuu			
	3	13	8
-	2	7	6
		6	2



Dhibboota Hir'isuu			
	4	3	8
-	2	7	6
	1	6	2

Kanaafuu,  $438 - 276 = 162$

**Gilgaala 2.10**

Kanneen armaan gadii liqeffannaan hir'isi.

$$\begin{array}{r} \text{a. } 375 \\ -246 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{b. } 995 \\ -518 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{c. } 713 \\ -362 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{d. } 617 \\ -251 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{e. } 142 \\ -129 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{f. } 727 \\ -518 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{g. } 926 \\ -628 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{h. } 201 \\ -154 \\ \hline \end{array}$$

**Algorizimii Waaltawaa fayyadamuun hir'isuu****Gocha 2.7**

Kanneen armaan gadii hir'isi.

$$\text{a. } 98 - 45 = \underline{\hspace{2cm}}$$

$$\text{b. } 73 - 48 = \underline{\hspace{2cm}}$$

**Fakkeenya 11**

Kanneen armaan gadii hir'isi.

$$\begin{array}{r} \text{a. } 249 \\ -144 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{b. } 954 \\ -316 \\ \hline \end{array}$$

**Furmaata**

$\begin{array}{r} \text{a. } 249 \\ -144 \\ \hline \end{array}$	<p>Jalqaba Tokkeewwan hir'isuu, <math>9 - 4 = 5</math></p> <p>Itti aansuun kurnoota hir'isuu, <math>4 - 4 = 0</math></p>
$105$	<p>Dhuma irratti dhibboota hir'isuu, <math>2 - 1 = 1</math></p> <p>Kanaafuu, <math>249 - 144 = 105</math> ta'a.</p>
$\begin{array}{r} \text{b. } 954 \\ -316 \\ \hline \end{array}$	<p>Jalqaba Tokkeewwan hir'isuu, <math>4 - 6</math>, garuu 4 irraa 6 hir'isuu waan hin danda'amneef kurnee 5 irraa kurnee 1 yookaan tokkee 10 kaafnee tokkee 4tti daballa (liqeffachuun 14) ta'a. <math>14 - 6 = 8</math></p>
$638$	<p>Itti aansuun kurnoota hir'isuu, <math>4 - 1 = 3</math></p> <p>Dhuma irratti dhibboota hir'isuu, <math>9 - 3 = 6</math></p> <p>Kanaafuu, <math>954 - 316 = 638</math> ta'a.</p>

**Gilgaala 2.11**

Kanneen armaan gadii algorizimii waaltawaa fayyadamuun hir'isi.

$$\begin{array}{r} \text{a. } 714 \\ -102 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{b. } 933 \\ -921 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{c. } 347 \\ -26 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{d. } 893 \\ -684 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{e. } 742 \\ -235 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{f. } 326 \\ -168 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{g. } 460 \\ -54 \\ \hline \end{array}$$

$$\begin{array}{r} \text{h. } 801 \\ -429 \\ \hline \end{array}$$

**2.3 Piroobileemota Jechaa Ida'uufi Hir'isuu****Ofkeessaa Qaban****Gocha 2.8**

1. Barattoota mana barumsaa tokko keessatti baratan 635 keessaa 547 seera Tiraafikaa ni kabaju. Kanneen hafan daandii konkolaataa irra karaa harka mirgaa isaanii irra deemuun seera cabsu. Warri seera cabsan meeqa?
2. Mana barumsaa tokko keessatti dubartoota 321 fi dhiirota 239tu barata. Barattoonni mana barumsichaa hunduu qulqullina isaanii ni eeggatu. Baay'inni barattoota qulqullina isaanii eeggatan meeqa?

**Fakkeenya 12**

1. Obbo Tolaan guyyaa Kamisaa killeewwaan 382 fi guyyaa Jimaataa immoo killeewwan 415 gurguratan. Guyyoota lamaan kana keessatti killeewwan meeqa gurguratan?
2. Mana kuusaa tokko keessa xaa'oo kuntaala 947tu jira. Kuntaalli 784 yoo qoteebulaaf raabsame xaa'oo kuntaala meeqatu hafe?

**Furmaata**

1. Kamisa killee 382 gurgurate.

Jimaata killee 415 gurgurate.

Baay'ina killeewwan guyyaa lamaan gurguramanii ida'ama kan guyyoota lamaanii ta'a. Kanaafuu, maloota ida'uu keessaa tokkotti fayyadamna.

382	Tokkeewwan ida'uu, $2 + 5 = 7$
+ <u>415</u>	Kurneewwan ida'uu, $8 + 1 = 9$
797	Dhibboota ida'uu, $3 + 4 = 7$
	Guyyoota lamaanitti killeewwan 797tu gurgurame.

2. Baay'ina xaa'oo mana kuusaa kuntaalaan = 947

Hamma xaa'oo mana kuusaa irraa Raabsame = 784

Hamma xaa'oo mana kuusaa keessatti otoo hin raabsamiin hafe hir'isuun argama. Kanaafuu, maloota hir'isuu keessaa tokkotti fayyadamna.

947	Tokkeewwan hir'isuu, $7 - 4 = 3$
- <u>784</u>	Kurneewwan hir'isuu, $4 - 8$ waan hin dandeenyeef tokkee
163	dhibba (kurnee 10) liqeffachuun $14 - 8 = 6$ .
	Dhibboota hir'isuu, Dhibboota hir'isuu, $8 - 7 = 1$ .
	Mana kuusaa keessatti xaahoo kuntaala 163 hafe.




## Gilgaala 2.12

### Pirobileemota armaan gadii furi.

1. Suuqii tokko keessa qubeessaa halluu diimaa 114 fi kan halluu gurraachaa 578tu jira. Walitti Qubeessaa meeqatu jira?
2. Mana barumsaa tokko keessa barattootni waaree dura baratan 432 fi kan waaree booda baratan immoo 613 dha. Barattoonni waaree booda baratan kanneen waaree dura baratan meeqaan caalu?
3. Namoota ganda tokko keessa jiraatan 849 keessaa 401 dhiirota. Baay'inni dubartootaa meeqa?
4. Jireenyaan qarshii 788 qabatee manaa bahe keessaa 322 meeshaalee manaa yoo bite qarshii hammamtu hafeef?
5. Daa'imman olmaa daa'immanii tokko keessatti baratan 792 keessaa 396 doktara ta'uu hawwu. Kanneen hafan hundi injinara ta'uu hawwu. Daa'imman injinara ta'uu hawwan meeqa?
6. Gammadaan meeshaa qarshii 627 bite tokko qarshii 284 buufatee gurgurate. Meeshicha qarshii meeqatti gurgure?
7. Boontuun ji'a jalqabaa qarshii 148 fi ji'a itti aanutti immoo qarshii 324 qusannoof galchite. Ji'oota lamaan keessatti hammam qusatte?
8. Gatiin meeshaa tokko kan ji'a lamaan dura qarshii 415 ture hamma qarshii 500 ta'e. Gatiin meeshichaa hammamiin dabale?
9. Manni barumsaa Ifa Boruu barattoota ciccimoo bara jalqabaa 418 fi bara lammaffaa 562 Oromiyaa keessaa filatee yoo barsiise walitti baay'inni barattoota bara lamaanii meeqa?
10. Bosona tokko keessa leencota 186 jiraachuun galmaa'e. Waggoota shaniin booda baay'inni isaanii 514 gahe. Baay'inni leencotaa hammamiin dabale?

**BOQONNAA**

**3**



$$\underline{\quad} \times 3 = 15$$

**BAAY'ISUU LAKKOOFSSOTA  
HUNDAA HAMMA 100TTI**


**3.1 Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti Jiran 2'n  
Baay'isuu**

**Gocha 3.1**



1. Saanduqa keessa kubbaa kachoo meeqatu jiru?
2. Jaha jahaan osoo gareedhaan kaa'amani garee meeqa ta'u?
3.  $2 \times 6 = \underline{\hspace{2cm}}$


**Fakkeenya 1**



Burtukaana garee lamatu jira. Garee tokko keessa burtukaana 3 tu jira. Baay'inni burtukaana garee lamaan keessa jiru meeqa?

**Furmaata**



Burtukaana garee lamatu jira.



Garee tokko keessa Burtukaana 3 tu jira.

Kanaafuu, Burtukaana  $2 \times 3$  tu jira jechuu dha. Baay'inni isaanii immoo 6. Kanarraa  $3 + 3 = 6$  waan ta'eef  $2 \times 3 = 3 + 3 = 6$  ta'a.

## Fakkeenya 2

	<p>Illeettii garee lamatu jira. Garee tokko keessa Illeettii lamatu jira. Baay'inni Illeettii garee lamaan keessa jiranii meeqa?</p> <p><b>Deebii:</b> Illeettii garee lamatu jira.</p>
	<p>Garee tokko keessa Illeettii lamatu jira. Kanaafuu, baay'inni Illeettii garee lamanii <math>2 \times 2</math> tu jiru jechuu dha. Baay'inni isaanii immoo 4. Kana irraa <math>2 + 2 = 4</math> waan ta'eef <math>2 \times 2 = 2 + 2 = 4</math></p>

## Fakkeenya 3


Fakkiiwwan gareen jiran baay'isuun ibsi.



**Deebii**



## Fakkeenya 4

	<p>Addee Taliileen biqiltuu bakka adda addaa lama qopheessuun dhaabani jiru. Bakkeen tokkoon tokkoon irratti biqiltuu 10 dhaaban. Baay'ina biqiltuu dhaabani meeqa ta'a?</p> <p><b>Deebii</b></p> <p>Baay'inni bakka biqiltuu 2.</p> <p>Baay'inni biqiltuu bakka tokko jiran 10.</p> <p>Kanaafuu, baay'inni biqiltuu bakka lamaan jiran <math>10 + 10 = 20</math> waan ta'eef <math>2 \times 10 = 10 + 10 = 20</math> ta'a.</p>
---	---

## Hubadhu

$10 \times 2 = 20$  keessatti

- 10 fi 2 hirmaattota 20ti.
- 20 baay'ataa jedhama.

## Fakkeenya 5

Saanduqa duwwaa kenname keessatti deebii sirrii ta'e barreessi.

a.  $2 \times \square = 20$

b.  $2 \times 6 = \square$

**Deebii:** Maaltu  $\square$  keessa galuu qaba?

a.  $2 \times 10 = 20$

b.  $2 \times 6 = 12$

## Gilgaala 3.1


1. Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9
2		4		8			14		

2. Barattoonni lama burtukaana afur afur bitatan. Barattoonni lamaan walitti burtukaana meeqa bitatan?

## 3.2 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 2 fi 10niin Baay'isuu


### Gocha 3.2



1. Saanduqa keessa Qubeessaa meeqatu jiru?
2. Kudhan kudhaniin osoo gareedhaan kaa'amani garee meeqa ta'u?
3. Baay'ina garee yoo baay'ina qubeessaa garee tokko keessa jiraniin baay'iste meeqa argatta?

## Fakkeenya 6

Televiizyiinni gosa tokko kutaa adda addaa 2 keessa kaa'amaniiru. Tokko tokkoo kutaa lamaanuu keessa baay'inni televiizyiinii jiru 6 yoo ta'e, baay'inni televiizyiinii kutaa 2'n keessa jiru walitti meeqa ta'a?



### Deebii

Televiizyiinii gosa tokko kutaa adda addaa lama keessa kaa'amaniiru.

Tokkoo tokkoo kutaa lamaanuu keessa baay'inni televiizyiinii jiru 6.

Baay'inni Televiizyiinii garee lamaan keessa jiru  $6 + 6 = 12$  ta'a.

Kanaafuu,  $2 \times 6 = 6 + 6 = 12$  ta'a.

## Fakkeenya 7

Kanneen armaan gadii baay'isuun kaa'i.

a.  $6 + 6 = \underline{\quad} \times \underline{\quad}$

b.  $7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 = \underline{\quad} \times \underline{\quad}$

### Deebii

a.  $6 + 6 = 2 \times 6$

b.  $7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 = 10 \times 7 = 70$

## Fakkeenya 8

Kanneen armaan gadii 10 niin baay'isi.

a.  $10 \times 1 = \underline{\quad}$

b.  $10 \times 2 = \underline{\quad}$

c.  $10 \times 3 = \underline{\quad}$

d.  $10 \times 4 = \underline{\quad}$

**Deebii**

**a.**  $10 \times 1 = 10$

**b.**  $10 \times 2 = 20$

**c.**  $10 \times 3 = 30$

**d.**  $10 \times 4 = 40$

**Gilgaala 3.2**

1. Kanneen armaan gadii baay'isuun bakka duwwaa irratti guuti.

**a.**  $2 \times 8 =$  \_\_\_\_\_

**b.**  $2 \times 12 =$  \_\_\_\_\_

**c.**  $2 \times 15 =$  \_\_\_\_\_

**d.**  $2 \times 20 =$  \_\_\_\_\_

**e.**  $2 \times 28 =$  \_\_\_\_\_

**f.**  $2 \times 40 =$  \_\_\_\_\_

**g.**  $2 \times 45 =$  \_\_\_\_\_

**h.**  $2 \times 50 =$  \_\_\_\_\_

2. Kanneen armaan gadii baay'isuun bakka duwwaa irratti guuti.

**a.**  $10 \times 3 =$  \_\_\_\_\_

**b.**  $10 \times 4 =$  \_\_\_\_\_

**c.**  $10 \times 5 =$  \_\_\_\_\_

**d.**  $10 \times 10 =$  \_\_\_\_\_

**e.**  $10 \times 8 =$  \_\_\_\_\_

**f.**  $10 \times 6 =$  \_\_\_\_\_

**g.**  $10 \times 7 =$  \_\_\_\_\_

**h.**  $10 \times 9 =$  \_\_\_\_\_

3. Kanneen armaan gadii baay'isuun kaa'i.

**a.**  $8 + 8 =$  \_\_\_  $\times$  \_\_\_

**b.**  $5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 =$  \_\_\_  $\times$  \_\_\_

## 3.3 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 0 fi 1'n Baay'isuu

### Fakkeenya 9

Lakkoofsota armaan gadii 1'n baay'isi.



Daraaraa 5tu garee tokko keessa jiru. Baay'inni isaanii immoo 5.  
Kanaafuu,  $1 \times 5 = 5$ .

## Fakkenya 10

Kanniisa armaan gadii kun daraaraa irra jiru. Baay'inni kanniisa daraaraa irra jiranii meeqa ta'a?



### Deebii

Baay'inni kanniisa daraaraa irra jiran 1 si'a 7 yookaan  $1 \times 7 = 7$  ta'a.

## Fakkeenya 11

Lakkoofsota armaan gadii 1'n baay'isuun bakka duwwaa kenname guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9
1		2			5			8	

### Deebii

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9
1	1	2	3	4	5	6	7	8	9

## Fakkeenya 12

Lakkoofsota armaan gadii 0'n baay'isii deebii kee bakka duwwaa irratti guuti.

- a.**  $0 \times 2 = \underline{\quad}$       **b.**  $0 \times 24 = \underline{\quad}$       **c.**  $0 \times 23 = \underline{\quad}$   
**d.**  $0 \times 1 = \underline{\quad}$       **e.**  $0 \times 52 = \underline{\quad}$       **f.**  $0 \times 35 = \underline{\quad}$

### Deebii:

- a.**  $0 \times 2 = 0$       **b.**  $0 \times 24 = 0$       **c.**  $0 \times 23 = 0$   
**d.**  $0 \times 1 = 0$       **e.**  $0 \times 52 = 0$       **f.**  $0 \times 35 = 0$

**Hubbadhu**

Lakkoofsa hundaa kamiyyu 0'n yoo baay'isne zeeroo ta'a.

**Fakkeenya 13**

Lakkoofsota armaan gadii 1'n baay'isii deebii bakka duwwaa irratti guuti.

a.  $1 \times 0 = \underline{\quad}$

b.  $1 \times 5 = \underline{\quad}$

c.  $1 \times 12 = \underline{\quad}$

**Deebii**

a.  $1 \times 0 = 0$

b.  $1 \times 5 = 5$

c.  $1 \times 12 = 12$

**Hubbadhu**

Lakkoofsa hundaa kamiyyu 1'n yoo baay'isne lakkoofsicha ta'a.

**Gilgaala 3.3**

1. Lakkoofsota armaan gadii 1'n baay'isi.

a. 19

b. 28

c. 42

d. 55

e. 61

f. 98

2. Lakkoofsota armaan gadii 0'n baay'isi.

a. 7

b. 8

c. 9

d. 10



## 3.4 Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 3, 4, 5, 6, 7, 8 fi 9'n Baay'isuu

### A. Lakkoofsota Hamma 100tti Jiran 3'n Baay'isuu

**Gocha 3.3**

1. Baay'inni iskuuweerota dalgeefi olee tokkoon tokkoon danaa kenname keessatti halluu dibamanii meeqa ta'a? Baay'inni waliigalaa meeqa ta'a?






1. Handaaqqoota garee meeqatu jiru?
2. Tokkoon tokkoon garee keessa handaaqqoota meeqatu jiru?
3. Baay'ina gareefi baay'ina Handaaqqoota garee tokko keessa jiranii yoo waliin baay'iste meeqa ta'a?

### Fakkeenya 14

a.  $3 \times 7$  kana argachuuf fakkii armaan gadii ilaali.



Kanaafuu,  $3 \times 7 = 7 + 7 + 7 = 21$  ta'a.

- b. Saanduqni tokko burtukaanota 5 baata. Saanduqoonni akkasii 3 burtukaanota meeqa baatu?



## Deebii

Saanduqni tokko burtukaanota 5 baata.

Saanduqoonni akkasii 3 burtukaanota  $3 \times 5 = 5 + 5 + 5 = 15$  ta'a.

### Gilgaala 3.4

1. Bakka duwwaa armaan gadii akkaataa fakkeenya siif kennameen guuti.

a.  $3 \times 6 = 6 + 6 + 6 = 18$

b.  $3 \times 14 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

c.  $3 \times 23 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

d.  $3 \times 25 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

e.  $3 \times 12 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

2. Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.


×	14	16	17	18	19	20	21	22	23	24	25
3		48				60			69		

3. Baay'attoota 3 hamma 20tti jiran tarreessi.
4. Saanduqni tokko burtukaanota 21 baata. Saanduqoonni akkasii 3 burtukaanota meeqa baatu?

## B. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 4'n Baay'isuu

### Gocha 3.4

Lukkuun sadi sadiitu bakka afur ta'aniiru walitti yoo lakkoofne meeqa ta'u?



### Fakkeenya 15

1. Gabatee baay'isuu armaan gadii lakkoofsota 4'n baay'isuun barbaadi.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9
4	4		12				28		

### Deebii

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9
4	4	8	12	16	20	24	28	32	36

### Fakkeenya 16



Gabatee armaan gadii irratti hudaa'uun baay'inni fakkiilee daraaraa dalgeefi oleen meeqa ta'a? Baay'inni waliigalaa meeqa ta'a?

#### Deebii

Baay'inni fakkiilee daraaraa dalgee 4.

Baay'inni fakkiilee daraaraa olee 3

Baay'inni daraaraa waliigalaa

$$4 \times 3 = 12$$

**Gilgaala 3.5**

1. Bakka duwwaa armaan gadii akkaataa fakkeenya siif kennameen guuti.

- a.  $4 \times 9 = 9 + 9 + 9 + 9 = 36$
- b.  $4 \times 13 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$
- c.  $4 \times 15 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$
- d.  $4 \times 22 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

2. Gabatee baay'isuu armaan gadii akkaataa fakkeenya siif kennameen guuti.

×	15	16	17	18	19	20	21	22	23	24	25
4	60		68		76			88			100


3. Baay'attoonni 4 hamma 48tti jiran tarreessi.

**C. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 5'n**

**Baay'isuu**

**Fakkeenya 17**

Appiloonni sadi sadiin bakka shan jiru walitti yoo lakkoofne meeqa ta'a?



$5 \times 3 = 3+3+3+3+3 = 15$

**Fakkeenya 18**

Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	15	16	17	18	19	20
5			85			100

**Deebii**

×	15	16	17	18	19	20
5	75	80	85	90	95	100

**Fakkeenya 19**

Lakkoofsomni armaan gadii 5'n yoo baay'atan meeqa ta'u?

a. 6

b. 4

c. 12

d. 20

**Deebii**

a.  $5 \times 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

$5 \times 6 = 6 + 6 + 6 + 6 + 6 = 30$

b.  $5 \times 4 = \underline{\hspace{2cm}}$

$5 \times 4 = 4 + 4 + 4 + 4 + 4 = 20$

c.  $5 \times 12 = \underline{\hspace{2cm}}$

$5 \times 12 = 12 + 12 + 12 + 12 + 12 = 60$

d.  $5 \times 20 = \underline{\hspace{2cm}}$

$5 \times 20 = 100$

**Gilgaala 3.6**

1. Bakka duwwaa armaan gadii akkaataa fakkeenya siif kennameen guuti.

a.  $5 \times 7 = 7 + 7 + 7 + 7 + 7 = 35$

b.  $5 \times 8 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$

c.  $5 \times 9 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$

d.  $5 \times 10 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$

e.  $5 \times 11 = \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} + \underline{\hspace{1cm}} = \underline{\hspace{2cm}}$

2. Baay'attoota 5'n hamma 96tti jiran tarreessi.

3. Gatiin qubeessaa tokkoo qarshii 5 yoo ta'e, gatiin qubeessaa akkasii 4 qarshii meeqa baasa?

## D. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 6'n

### Baay'isuu

#### Gocha 3.5

$6 \times 4$  bifa ida'uutti jijjiiruun hojjechuu irratti gareedhaan mar'adhaa.


#### Fakkeenya 20

a.  $6 \times 3 =$  \_\_\_\_\_

#### Deebii

$6 \times 3$  meeqa akka ta'e argachuuf simbirroota armaan gadii bakka tokkotti

lakkaa'uun.



$$3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 = 18$$

Kanaafuu,  $6 \times 3 = 18$  ta'a.

b.  $6 \times 7 =$  \_\_\_\_\_

#### Deebii

$$6 \times 7 = 7 + 7 + 7 + 7 + 7 + 7 = 42.$$

Kanaafuu,  $6 \times 7 = 42$

**Gilgaala 3.7**

1. Kanneen armaan gadii akkaataa fakkeenya siif kennameen bakka duwwaa irratti guuti.

a.  $6 \times 6 = 6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 = 36$

b.  $6 \times 8 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

c.  $6 \times 10 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

d.  $6 \times 11 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

e.  $6 \times 12 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$


2. Baay'attoota 6 hamma 48tti jiran tarreessi.

3. Saanduuqni tokko burtukaanota 7 baachuu danda'a. Saanduuqoonni akkasii 6 burtukaanota meeqa baatu?

## E. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 7'n Baay'isuu

**Gocha 3.6**

Fayyeeraan fardeen gulufan garee 7arge. Gareen torbanuu Fardeen lama lama qabu yoo ta'e, waliigalatti Fayyeeraan Fardeen meeqa arge?

**Fakkeenya 21**

a.  $7 \times 4 = \underline{\quad}$

b.  $7 \times 5 = \underline{\quad}$

c.  $7 \times 6 = \underline{\quad}$

**Deebii**

a.  $7 \times 4 =$  \_\_\_\_\_

$7 \times 4 = 4 + 4 + 4 + 4 + 4 + 4 + 4 = 28$

Kanaafuu,  $7 \times 4 = 28$ 

b.  $7 \times 5 =$  \_\_\_\_\_

$7 \times 5 = 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 + 5 = 35$

Kanaafuu,  $7 \times 5 = 35$ 

c.  $7 \times 6 =$  \_\_\_\_\_

$7 \times 6 = 6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 = 42$

Kanaafuu,  $7 \times 6 = 42$ **Fakkeenya 22**

Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti.

a.  $7 \times$  \_\_\_\_\_  $= 35$

b. \_\_\_\_\_  $\times 8 = 56$

c.  $6 \times$  \_\_\_\_\_  $= 54$

d.  $7 \times$  \_\_\_\_\_  $= 84$

e. \_\_\_\_\_  $\times 11 = 77$

f.  $6 \times$  \_\_\_\_\_  $= 90$

**Deebii**

a.  $7 \times 5 = 35$

b.  $7 \times 8 = 56$

c.  $6 \times 9 = 54$

d.  $7 \times 12 = 84$

e.  $7 \times 11 = 77$

f.  $6 \times 15 = 90$

**Gilgaala 3.8**

1. Bakka duwwaa armaan gadii akkaataa fakkeenya siif kenneen deebii sirrii ta'een guuti.

a.  $7 \times 6 = 6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 + 6 = 42$

b.  $7 \times 8 =$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $=$  \_\_\_\_\_

c.  $7 \times 9 =$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $=$  \_\_\_\_\_

d.  $7 \times 10 =$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $+$  \_\_\_\_\_  $=$  \_\_\_\_\_



e.  $7 \times 11 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

f.  $7 \times 12 = \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} + \underline{\quad} = \underline{\quad}$

2. Baay'attoota 7 hamma 49 tti jiran tarreessi.

3. Bakka duwaa armaan gadii deebii sirrii ta' een guuti.

a.  $7 \times \underline{\quad} = 21$

b.  $\underline{\quad} \times 9 = 63$

c.  $7 \times \underline{\quad} = 14$

d.  $7 \times \underline{\quad} = 98$

e.  $\underline{\quad} \times 1 = 7$

f.  $7 \times \underline{\quad} = 35$

## F. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 8'n

### Baay'isuu

#### Gocha 3.7

$8 \times 4$  bifa ida'uudhaan agarsiisi.

#### Fakkeenya 23

Kanneen armaan gadii baay'isi.

a.  $8 \times 3 = \underline{\quad}$

b.  $8 \times 9 = \underline{\quad}$

#### Deebii

a.  $8 \times 3 = 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 = 24$

Kanaafuu,  $3 \times 8 = 24$

b.  $8 \times 9 = 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 + 9 = 72$

Kanaafuu,  $8 \times 9 = 72$

#### Fakkeenya 24

Bakka duwaa armaan gadii lakkoofsa kamiin yoo guutte baay'ataa kenname argatta?

a.  $8 \times \underline{\quad} = 24$

b.  $8 \times \underline{\quad} = 72$

c.  $8 \times \underline{\quad} = 32$

#### Deebii

a.  $8 \times 3 = 24$

b.  $8 \times 9 = 72$

c.  $8 \times 4 = 32$

**Gilgaala 3.9**

1. Lakkoofsota lamaan kenmaan baay'isuun bakka duwwaa guuti.

a.  $8 \times 5 = \underline{\quad}$       b.  $8 \times 6 = \underline{\quad}$       c.  $8 \times 7 = \underline{\quad}$

d.  $8 \times 11 = \underline{\quad}$       e.  $8 \times 12 = \underline{\quad}$

2. Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11
8			24					64			

3. Baay'attoota 8 hamma 64tti jiran tarreessi.

4. Gatiin killee tokko qarshii 8. Killeen akkasii 10 qarshii meeqa?

5. Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti.

a.  $8 \times \underline{\quad} = 64$       b.  $\underline{\quad} \times 10 = 80$       c.  $8 \times \underline{\quad} = 96$

## G. Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti Jiran 9'n Baay'isuu

**Gocha 3.8**

Gabatee baay'isuu armaan gadii haala fakkeenya kennameen guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
9		18			45					90

**Fakkeenya 25**

Kanneen armaan gadii baay'isi.

a.  $9 \times 3 = \underline{\quad}$

b.  $9 \times 10 = \underline{\quad}$

**Deebii**

$$9 \times 3 = 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 + 3 = 27$$

Kanaafuu,  $9 \times 3 = 27$

b.  $9 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

$9 \times 10 = 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 + 10 = 90$

Kanaafuu,  $9 \times 10 = 90$

**Gilgaala 3.10**

1. Baay'ataa lakkoofsota armaan gadii bakka duwwaatti guuti.

a.  $9 \times 4 = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $9 \times 5 = \underline{\hspace{2cm}}$

c.  $9 \times 6 = \underline{\hspace{2cm}}$

d.  $9 \times 7 = \underline{\hspace{2cm}}$

e.  $9 \times 8 = \underline{\hspace{2cm}}$

f.  $9 \times 10 = \underline{\hspace{2cm}}$

2. Baay'attoota 9 hamma 81 tti jiran tarreessi.

3. Burtukaanni tokko qarshii 9'n bitama. Burtukaanni akkaasii 10 qarshii meeqaan bitama?

4. Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
1					5					
2		4								
3						18				
4								32		
5										50
6									54	
7				28						
8							56			
9			27							
10	10									

5. Saanduqa duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti.

a.  $\square \times 9 = 27$

b.  $9 \times \square = 36$

c.  $\square \times 10 = 90$

d.  $\square \times 9 = 99$

e.  $7 \times \square = 63$

f.  $\square \times 8 = 72$

## 3.5 Pirobleemota Jechaa

### Fakkeenya 26

1. Addee Daraartuun ijoollee 7 qabdi. Tokkoon tokkoon isaaniif biqiltuu bunaa sagal sagal akka dhaabaniif qoodde. Adde Daraartuun Biqiltuu meeqa ijoollee isheef qoodde?

### Furmaata

Baay'inni ijoollee 7

Baay'inni Biqiltuu bunaa aadde Daraartuun tokko tokkoo ijoollee isheef qoodde

9. Baay'inni Biqiltuu aadde Daraartuun qoodde  $7 \times 9 = 63$  ta'a.

2. Lalisaa fi obbollooni isaa 6 burtukaana qooddatanii saddeet saddeet isaan gahe. Baay'inni burtukaana waliigalaa isaan qooddatan meeqa ture?

### Furmaata

Baay'inni obbolaa Lalisaa 6, baay'inniburtukaana nama tokkogahe 8.

Baay'inni burtukaana Lalisaa fi obbolaan isaa qooddatan  $7 \times 8 = 56$  ta'a.

### Gilgaala 3.11

1. Barsiiftuun Herregaa kutaa tokkoffaa **A** barattoota kutaa ishee garee baay'ina barattoota wal-qixa qabu 8 tti qooddee hojii garee kenniteef. Gareen tokko barataa 4 yoo qabaate. Baay'inni barattoota kutaa tokkoffaa **A** meeqa ta'a?
2. Adde Taliileen ijoollee ishee shaniif dabtara afur afur bitte. Adde Taliileen dabtara meeqa bitte?
3. Simboo, Dureettiifi Gaaddiseen barnoota herregaatiin qabxii olaanaa galmeessisan. Barsiistuun isaanii Caaltuun tokkoo tokkoo isaaniif badhaasa dabtaraa afur afur kenniteef. Walummatti dabtara meeqa badhaafaman?

## BOQONNAA

# 4



## WALAKKAAWWANIIFI KURMAANOTA

### 4.1 Walakkaawwan

#### A. Wanta guutuu tokko bakka walqixaa lamatti qooduun walakkaa agarsiisuu

##### Gocha 4.1


1. Daabboo tokko bakka walqixaa lamatti qooduun isa tokko yoo nyaatte harka meeqatu hafa?
2. Waraqa boca reektaangilii qabu tokko bakka walqixa lamatti dachaasuun gama tokko qubeessaadhaan dibi kan dibame kun maal agarsiisa?

##### Hubadhu

Walakkaan kan argamu waan guutuu tokko bakka walqixaa lamatti yoo qoodame dha.

##### Fakkeenya 1

1. Burtukaana tokko iddoo walqixaa lamatti qooduun isa tokko yoo nyaatte harka meeqatu hafa?



## Furmaata



Burtukaana tokko bakka walqixaa lamatti qooduun isa tokko yoo nyaatte harki hafu **walakkaa** burtukaana tokkoo ta'a.

## Fakkeenya 2

Obbo Lammiin ijoollee isaa lamaaniiif daabboo tokko bakka walqixaa lamatti qoodee kenneef. Gaheen tokkoon tokkoon ijoollee isaa lamaan hammam ta'a?




**Deebii:** Gaheen tokkoon tokkoon ijoollee isaa **walakkaa** daabboo tokkoo ta'a.



## Fakkeenya 3

Danaa geengoo armaan gadii irraa kutaa hammamiitu dibame? Kan dibame maal jedhama?




## Deebii

Danaa geengoo irraa kan dibame kutaa lama walqixa keessaa kutaa tokko qofaadha. Kan dibame kun **walakkaa** geengoo jedhama.

## Fakkeenya 4

Danaa reektaangilii armaan gadii irraa kutaa hammamiitu dibame? Kan dibame maal jedhama?



## Deebii

Danaa reektaangilii irraa kan dibame kutaa walqixa lama keessaa kutaa tokko qofaadha. Kan dibame walakkaa reektaangilii jedhama.

## Fakkeenya 5

Loomiin walakkaan lama kan loomii guutuu tokko irraa gargar qoodame yoo walitti dabalame hammam ta'a?


## Furmaata

Loomiin walakkaan lama yoo walitti dabalame loomii tokko ta'a.



## Fakkeenya 6

Danaan geengoo armaan gadii irraa dibame **walakkaa** geengoo kenname ta'uu danda'aa?






## Deebii




Danaan dibame walakkaa geengoo kennamee miti.

### Gilgaala 4.1

1. Walakkaa fakkii armaan gadii gurraachessi.



2. Fakkii armaan gadii qubeessaadhaan bakka wal-qixaa lamatti qooduun walakkaa isaa dibi.



## B. Baay'ina guutuu ta'e bakka walqixaa lamatti qooduun walakkaa agarsiisuu

### Fakkeenya 7


Caaltuufi Caalaan anaanaasii kenname kana dabareen tokko tokkoon qooddachaa yoo deeman meeqa meeqa isaan ga'a?



### Furmaata

Baay'inni anaanaasii kenname 10. Dabareedhaan tokkoon tokkoon yemmuu hiratan tokkoon tokkoon isaanii shan shan isaan ga'a.





Kanaafuu, walakkaan kudhanii shan ta'a.

## Fakkeenya 8

Fakkii daa'imman armaan gadii irratti jalqaba dubara, itti aansuun dhiiraa dabareen kenname irratti hundaa'uun deebisi.

- Baay'inni fakkii daa'imman waliigalaa meeqa?
- Baay'inni fakkii daa'imman dubaraa meeqa?
- Baay'inni fakkii daa'imman dhiiraa meeqa?



## Deebii

- Baay'inni fakkii daa'imman waliigalaa saddeet.

**b.** Baay'nni fakkii daa'imman dubaraa 4. Kunis, **walakkaa** baay'ina fakkii ijoollota waliigalaa ta'a.



c. Baay'inni fakkii daa'imman dhiiraa 4. Kunisi, **walakkaa** baay'ina fakkii ijoollota waliigalaa ta'a.




### Fakkeenya 9

Sarara lakkoofsa irratti lakkoofsa 0 fi 2 gidduutti kan dibame maal jedhama?




### Deebii

Lakkoofsa 1 fi 2 gidduu kan dibame **walakkaa** dheerina 0 fi 2 gidduu jiruuti. Lakkoofsa 0 fi 1 gidduu kan hin dibamne **walakkaa** dheerina 0 fi 2 gidduu jiruuti.



### Gilgala 4.2

1. Sarara lakkoofsotaa irratti lakkoofsa 0 fi 2 gidduutti kan dibame maal jedhama?



2. Daree tokko keessa barattoota 40 jiran keessaa baay'inni dubaraa 20 yoo ta'e, baay'inni dhiiraa \_\_\_\_\_ baay'inna barattoota waliigalaat.

3. Meetiifi Firoomsaan burtukaanota armaan gadii walqixaatti qoodatan.

a. Gaheen Meetii hammami? Kan Firoomsaa hoo?

b. Gaheen Meetii \_\_\_\_\_ baay'ina burtukaana waliigalaat.



## 4.2 Kurmaanota

### A. Waanta guutuu tokko bakka walqixaa afuritti qooduun kurmaana agarsiisuu

#### Gocha 4.2

Danaa boca reektaangilii qabu tokko bakka walqixa afuritti qooduun tokko keessaa dibamee jira. Qaamni guutuu reektaangicha keessaa dibame maal jedhamee waamama?

#### Habadhu

- Kurmaana kan argannu waan guutuu tokko bakka walqixa **afuritti** yoo qoodne dha.
- Siisoon kan argannu waan guutuu tokko bakka walqixa **sadiitti** yoo qoodne dha.

#### Fakkeenya 10

Danaan geengoo armaan gadii kutaa hammamiitti qoodame? Kutaa hammamiitu dibame? Kan dibame maal jedhama?





#### Deebii

Danaan geengoo kenname kutaalee walqixa afuritti qoodame. Kutaalee arfan keessaa kan dibame kutaa tokko qofaa dha. Kutaan geengoo dibame kun **kurmaana** jedhama.

## Fakkeenya 11


Obbo Sanyiin ijoollee isaa afuriif burtukaana tokko bakka walqixaa afuritti qoodeef. Gaheen tokkoo tokkoo ijoollee hammami?

### Furmaata

	<p>Obbo Sanyiin ijoollee isaa arfaniif burtukaana tokko bakka walqixaa afuritti qoode.</p>
	<p>Gaheen tokkoo tokkoo ijoollee obbo Sanyii <b>kurmaana</b> burtukaana tokkoo ta'a.</p>

## Fakkenya 12

Danaan iskuweerii armaan gadii kutaa walqixa meeqatti qoodame? Kutaa hammamiitu dibame? Kan dibame maal jedhama?




### Deebii

Danaan iskuweerii kenname kutaalee walqixa afuritti qoodame. Kutaalee arfan keessaa kan dibame kutaa tokko qofaa dha. Kutaan iskuweerii dibame kun **kurmaana** jedhama.

## Fakkeenya 13

Danaa iskuweerii armaan gadii kutaa hammamiitti qoodame? Kutaa hammamiitu dibame? Kan dibame maal jedhama?




## Deebii

Danaan iskuweerii kenname kutaalee walqixaa afuritti qoodame.  
Kutaalee arfan keessaa kan dibame kutaa lama qofaa dha.  
Kutaan iskuweerii dibame kun **walakkaa** jedhama.

### Gilgaala 4.3

1. Kurmaana fakkii armaan gadii gurraachessi.



2. Fakkii armaan gadii qubeessaadhaan bakka wal-qixaa afuritti qooduun kurmaana tokko dibi.



3. Himoota armaan gadii bakka duwwaa “<” yookaan “>” yookaan “=” guutuun wal-dorgomisiisi.

a. Walakkaa \_\_\_\_\_ guutuu.

b. kurmaana \_\_\_\_\_ siisoo

c. Siisoo \_\_\_\_\_ walakkaa

d. Kurmaana \_\_\_\_\_ walakkaa

e. Guutuu \_\_\_\_\_ siisoo

f. kurmaana \_\_\_\_\_ guutuu

## B. Baay'ina guutuu ta'e bakka walqixa afuritti qooduun kurmaana agarsiisuu

### Fakkeenya 14


Sarara lakkoofsotaa irratti dheerinni lakkoofsa armaan gadii gidduutti dibame dheerina guutuu sararichaafmaal jedhama?

a. 0 fi 1

b. 1 fi 2

c. 2 fi 3

d. 3 fi 4




### Deebii

a. 0 fi 1 gidduutti kan dibame kurmaana yookaan kurmaana tokkoffaa jedhama.

b. 1 fi 2 gidduutti kan dibame kurmaana yookaan kurmaana lammaffaa jedhama.

c. 2 fi 3 gidduutti kanhin dibamne kurmaana yookaan kurmaana sadaffaa jedhama.

d. 3 fi 4 gidduutti kan dibame kurmaana yookaan kurmaana araffaa jedhama.




### Fakkeenya 15

Caaltuun killee saddeet qabdi. Hiryoota ishee sadiif killee lama lama yoo kennite meeqatu isheef hafe?



## Deebii

Tokkoon tokkoo hiriyyoota ishee sadaniif **kurmaana** isaan ga'ee kan isheef hafe **kurmaana** ta'a.



## Fakkenya 16

Caalaan appilii sagal qaba. Siisoo appilii sagalii obboleettii isaaf qoode. Caalaan appilii meeqa obboleettii isaaf qoode?



## Deebii

Siisoon waanta tokko bakka walqixaa sadiitti qooduun argama. Kunis, Caalaan appilii 9 siisoon gaafa qoodu 3 ta'a.



Kanaafuu, obboleettiin Caalaa appilii 3 yookaan siisoo appilii 9 qooddatte.

## Fakkeenya 17

Konkolaattota afur keessaa lama diimaafi lama immoo adii dha. Isa kamitu guutuu mul'isa? Isa kamitu kutaa mul'isa?



**Guutuu**




Gartokkee Guutuu





Gartokkee Guutuu

### Gigaala 4.4

- Margaan biqiltuu waddeessaa, harbuu, bargaamoofi birbirsaa 20 dhaabe keessaa 5 harbuu, 5 bargamoo fi 5 birbirsa. Kanneen armaan gadii deebsi.
  - Baay'inni waddeessaa \_\_\_\_\_ 20ti.
  - Baayinni harbuu \_\_\_\_\_ 20ti.
  - Baay'inni harbuufi birbirsaa \_\_\_\_\_ 20ti
  - Baay'inni bagamoofi waddeessaa \_\_\_\_\_ 20ti.
- Kanneen armaan gadii furi
  - kurmaana + kurmaana = \_\_\_\_\_
  - kurmaana + kurmaana + kurmaana + kurmaana = \_\_\_\_\_
- Caaltuufi Magartuun waraqaa hammi isaa walqixaa ta'e adda addatti qabu. Caaltuun waraqaa ishee bakka walqixa afuritti murte. Magartuun immoo walakkaatti murte. Eenyutu muraa waraqaa heddu qaba? Eenyutu muraa guddaa qaba?
- Soorettiin walakkaa geengoo tokkoo halluu magariisa, kurmaanota isaa Lamaan gurraachaafi adii dibde. Geengoo Soorettiin barbaaddu isa kam?




- Danaaleen armaan gadii kutaa meeqatti qooqodame? Kutaa hammamiitu dibame? Kan dibame maal jedhama?





**BOQONNAA**

**5**



**PAATARNOOTA**

## 5.1 Yuunitii Deddeebii

### Gocha 5.1

Fakkii armaan gadii irratti barattoonni kaardii halluu haala itti tartiibessan agarsiisa. Isiniis kaardii halluu adda addaa qaban irra deddeebiin tartiibessaa.




### Hubadhu

Teessumni wantootaa bifa deddeebii qindaawaa ta'e qabu paatarnii jedhama. Hamma dabaree deddeebii wantoota teessuma kana keessatti qaban yuunitii deddeebii jedhamu.

## Fakkeenya 1

Paatarnii deddeebi'aa kan ta'e kami?




### Deebii

1. Rogsadee gosa tokko irra deddeebiin jira. Kanaafuu, paatarnii dha.
2. Rogarfeefi muluuluun irra deddeebii dhaabbataa qabu.  
Kanaafuu, paatarnii dha.
3. Rogsadee tokkoofi diyameendonni tokko irra deddeebii dhaabbataa qabu.  
Kanaafuu, paatarnii dha.
4. Fakkiiwwan sadii dabaree dabareen deddeebiin jiru. Kanaafuu, paatarnii dha.

## Fakkeenya 2

Paatarnoota armaan gadii yuunitii irraa ijaaraman ibsi.



### Deebii


1. Halluun magariisafi keelloon walitti fufiinsa dabaree dabareen jalqaba


hanga dhumaatti dibaman. Paatarniin irra deddeebii yuunitii 2 ti.


2. Reektaangilii sarara diimaafi tuqaalee walitti fufiinsaan dabaree dabareen jalqaba hanga dhumaatti kaa'aman. Paatarniin irra deddeebii yuunitii 2 ti.
3. Paatarnii geengoofi iskuweerii irraa ijaaramee dha. Paatarniin irra deddeebii yuunitii 2 ti.


### Gilgaala 5.1


1. Kanneen armaan gadii keessaa paatarnii kan hin taane adda baasi.


a. 

b. 

c. 


d. 

e. 



f. 

2. Yuunitii xiqqaa paatarniin armaan gaditti kenname irraa hojjetame barreessi.






3. Kan armaan gadiitiif hamma yuunitii deddeebii isaanii barreessi.



4. Gabatee armaan gadii keessatti dalgee yookiin irraa gadee tartiiba halluu dibameen paatarnii uumee barbaaduun himi.




## 5.2 Miseensa Hanqate

### Gocha 5.2

Paatarnoota armaan gadii keessaa kan hir'ate itti guuti. Miseensa hir'ate jettu maaliif akka filatte ibsi.

a. 1, 3, 1, 3, 1, \_\_\_\_

b. 4, 7, 10, 13, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

c.  \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

d.  \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

### Hubadhu

- Miseensa hanqate jechuun akkaataa teessuma wantootaa yookiin lakkoofsotaa keessatti bakka hir'ate tokko irratti wanta yookiin lakkoofsa bakka buusuun paatarnii argachuu dandeenyuu dha.
- Tokkoon tokkoon miseensa paatarnii tarmii jedhamu.

### Fakkeenya 3

Kanneen armaan gadii keessaa miseensa hanqate itti guuti.

a. 2, 4, 6, 8, 10, 12, \_\_, \_\_

b.  \_\_\_\_\_

### Deebii

- a. Paatarnii kana keessatti tarmootni walitti aanan lamaan walcaalu.

Kanaafuu,  $12 + 2 = 14$  fi  $14 + 2 = 16$

Miseensota hanqatan 14 fi 16 dha.

Paatarnii guutuu yoo barreessinu 2, 4, 6, 8, 10, 12, 14, 16 ta'a.

**b.** Paatarnii fakkii halluu Cuquliisa, magariisafi keelloo walitti aanuun irra deddeebiin dhufan. Fakkiin cuquliisaatti aanu magariisa ta'a. Magariisatti aanee immoo keelloo ta'a. Bakki duwwaan jalqabaa 😊 fi lammaffan immoo 😊 ta'a.

Kanaafuu, paatarniin waliigalaa 😊, 😊, 😊, 😊, 😊, 😊, 😊, 😊 ta'a.

### Gilgaala 5.2

**1.** Paatarnoota armaan gadii keessaa tarmoota hanqatan guuti.

**a.** 8, 10, 12, 14, 16, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

**b.** 1, 5, 9, 13, 17, 21, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

**c.** 5, 10, 15, 20, 25, 30, \_\_\_\_\_, \_\_\_\_\_

**d.** 10, 20, 30, \_\_\_\_\_, 50, 60, 70




**e.** 22, 27, 32, 37, \_\_\_\_\_, 47, 52, 57





**f.** 6, 13, \_\_\_\_\_, 27, 34, 41, \_\_\_\_\_




**2.** Gabatee armaan gadii tarmoota hafaniin guuti.





Baay'ina Namaa	Baay'ina Harkaa	Baay'ina quboota harkaa
2	4	20
4		40
6	12	
	16	80
10		
	24	120

**3.** Paatarnoota kennaman guutuu taasisuuf waanta bakka duwwaa bu'u sanduuqa keessaa filadhu.


a.   


b.    


c.   


d.    


4. Gabatee kenname keessatti wantoota siif kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa guuti.




a. 

b. 

c. 

d. 

5. Paatarnoota armaan gadiitii bakka hanqate guuti.



**Tarmii tartiiba n<sup>ffaa</sup> irra jiru barbaaduu**

### Fakkeenya 4

Paatarnii 2, 7, 12, 17, 22, 27 keessatti tarmii meeqaffaa akka ta'an ibsi.

### Deebii

Tarmii tokkoffaan 2, tarmii lammaffaan 7, tarmii sadaffaan 12, tarmii arfaffaan 17, tarmii shanaffaan 22 fi tarmii jahaffaan 27 ta'u.

### Gilgaala 5.3

1. Tokkoon tokkoon miseensi paatarnii armaan gadii tarmii meeqaffaa akka ta'an barreessi.

a. 10, 22, 34, 46, 58, 70

b. 100, 106, 112, 118, 124

2. Paatarnii armaan gadii keessatti tarmii 6<sup>ffaa</sup> fi 8<sup>ffaa</sup> meeqa ta'a?

a. 9, 12, 15, ...

b. 10, 20, 30, ...

c. 36, 42, 48, ...

d. 125, 150, 175, ...


3. Paaternii 2, 4, 6, ... keessatti tarmii 10<sup>ffaa</sup> barbaadi.

4. Paaternii 10, 20, 30, ... keessatti tarmii 12<sup>ffaa</sup> barbaadi.



## BOQONNAA

# 6



## SAFARA DHEERINAA , HANGAAFI QABEE

### 6.1 Dheerina Safartuuwwan Aadaafi Santiimeetiraafi Meetiraan Safaruu

#### A. Dheerina Mala Aadaan safaruu

Namoonni durii osoo meeshaaleen ammayyaa hin jiraatiin dura dheerina waan tokkoo baruuf qaama isaanii fayyadamu. Biyya kana keessattis safartuuwwan aadaa kan dheerinaa kanneen akka dhundhuma, faana, taakkuu, tarkaanifiifi funyoo fayyadamaa turan.

#### Dhundhuma

#### Gocha 6.1

1. Quboota harkaashanan keessaa;
  - a. kamtu dheeradha?
  - b. kamtu gabaabaa dha?

2. Dheerinni dalgee minjaala keessanii dhundhumaan safari.Meeqa ta'e?



**Faana**

**Gocha 6.2**

Dheerinaa yookiin dalgee daree keessanii dabareen faana miila keessaniin safaruun hammam akka ta'e barsiistuu/ barsiisaa keessanitti himaa.



**Taakkuu**

**Gocha 6.3**

Dheerinni minjaala keetii taakkuun yoo safartu hammam ta'a?



**Tarkaanfii**



### Gocha 6.4

Dheerina dalgee daree keessanii Tarkaanfiin dabaree dabareen safaruun tarkaanfii meeqa akka ta'e barsiistuu yookiin barsiisaa keessanitti himaa.

### Funyoo

### Gocha 6.5

Funyootti fayyadamii dheerina dirree kubbaa saaphanaa safari.



## B. Meetiraafi Saantiimeetiraan Dheerina safaruu

Safartoonni ammayyaa ittiin dheerina waan tokkoo safaruuf fayyadamnu kanneen akka meetiraafi saantiimeetiraa dha. Saantiimeetirii gabaabsuun “**cm**” jennee barreessina. Meetirii gabaabsuun “**m**” jennee barreessina.

### Gocha 6.6

1. Sarartuu gargaaramuun dheerina wantoota armaan gadii safari.
  - a. Dheerina dabtara
  - b. Dheerina kitaaba Herregaa
2. Ulee meetiraa gargaaramuun dheerina wantoota armaan gadii safari.
  - a. Dheerina minjaala
  - b. Dheerina daree

### Hubadhu

$$1\text{m} = 100\text{cm}$$

### Fakkeenya 1

Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti.

- a.  $3\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}\text{cm}$
- b.  $5\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}\text{cm}$
- c.  $200\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}\text{m}$
- d.  $600\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}\text{m}$

## Deebii

a.  $3\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$  cm ta'a

$1\text{m} = 100\text{cm}$

Kana irraa gatiin

$3\text{m} = 3 \times 100\text{cm} = 300\text{cm}$  ta'a

c.  $200\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$

$1\text{m} = 100\text{cm}$

$200\text{cm} = 2\text{m}$  ta'a

b.  $5\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$  cm ta'a

$1\text{m} = 100\text{cm}$

Kana irraa gatiin

$5\text{m} = 5 \times 100\text{cm} = 500\text{cm}$  ta'a

d.  $600\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$

$1\text{m} = 100\text{cm}$

$600\text{cm} = 6\text{m}$  ta'a



## Gilgaala 6.1

1. Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta' een guuti.

a.  $7\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$  cm

b.  $8\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$  cm

c.  $10\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$  cm

d.  $100\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$  m

e.  $400\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$  m

f.  $900\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$  m

2. Dheerinni dareewwan lama gidduu jiru 4m dha. Dheerinni dareewwan kana gidduu saantiimeetiraan hammami?

3. Funyoo dheerinni isaa 800cm ta' eyoo meetiraan ibsame hammam ta'a?

## 6.2 Ida'uufi Hir'isuu Dheerina Yuunitoota


### Walfakkaataa

#### Gocha 6.7

1. Funyoon 7m dheeratu duraan qabdu irratti kan 5m dheeratu yoo siif dabalame, walittifunyoo meetira meeqa dheeratu ta'a?
2. 10cm fi 8cm walitti cm meeqa ta'a?
3. Muka 70cm dheeratu irraa 20cm dheeratu yoo murte, hammamtu hafa?

#### Fakkeenya 2

Laliseen minjaala mana isaanii yemmuu meetiraan safartu 3m ta'e. Sanbattoon yemmuu minjaala mana isaanii meetiraan safaru 2m ta'e. Dheerinni minjaala mana Laliseefi kan Sanbatoo walitti meeqa ta'a?



Dheerna Minjaala Lalisee 3m

Dheerna Minjaala Sanbatoo 2m

#### Deebii

Dheerinni minjaala lamaanii walitti  $3m + 2m = 5m$  ta'a.

#### Fakkeenya 3

Kanneen armaan gadii yuunitii kaa'ameen ida'i.

- a.  $2m + 5m = \underline{\hspace{2cm}}$       b.  $12cm + 5cm = \underline{\hspace{2cm}}$       c.  $54m + 13m = \underline{\hspace{2cm}}$   
 d.  $95m + 5m = \underline{\hspace{2cm}}$       e.  $78cm + 7cm = \underline{\hspace{2cm}}$

**Deebii**

a.  $2\text{m} + 5\text{m} = \underline{7\text{m}}$

b.  $12\text{cm} + 5\text{cm} = \underline{17\text{cm}}$

c.  $54\text{m} + 13\text{m} = \underline{67\text{m}}$

d.  $95\text{m} + 5\text{m} = \underline{100\text{m}}$

e.  $78\text{cm} + 7\text{cm} = \underline{85\text{cm}}$

**Fakkeenya 4**

Kanneen armaan gadii hir'isi.

a.  $9\text{m} - 5\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $27\text{cm} - 6\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$

c.  $54\text{m} - 13\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$

d.  $98\text{m} - 4\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}$

e.  $63\text{cm} - 2\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}$

**Deebii**

a.  $9\text{m} - 5\text{m} = \underline{4\text{m}}$

b.  $27\text{cm} - 6\text{cm} = \underline{21\text{cm}}$

c.  $54\text{m} - 13\text{m} = \underline{41\text{m}}$

d.  $98\text{m} - 4\text{m} = \underline{94\text{m}}$

e.  $63\text{cm} - 2\text{cm} = \underline{61\text{cm}}$

**Fakkeenya 5**

Hawwiin sa'aatii 1 keessatti fageenya meetira 300 biskileetiidhaan shaakalte. Sa'aatii 3 keessatti fageenya meetira hammamii shaakalte?

**Furmaata**

Hawwiin sa'aatii 1 keessatti 300m shaakalte. Deemsa walfakkaataa sa'aatii 3 keessatti meetira shaakaluu dandeessi;  $300\text{m} + 300\text{m} + 300\text{m} = 900\text{m}$  ta'a.

**Fakkeenya 6**

Shiboo 90cm dheeratu irraa 30cm yoo kutte, inni hafe hammam dheerata?

**Furmaata**

Dheerinni shibookan jalqabaa 90cm.

Dheerinni shiboo kan hir'ifame 30cm.


Dheerinni shiboo hir'ifama booda argattu,  $90\text{cm} - 30\text{cm} = 60\text{cm}$  ta'a.

## Gilgaala 6.2

- Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti.
  - $13\text{cm} + 15\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}\text{cm}$
  - $33\text{cm} + 28\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}\text{cm}$
  - $51\text{m} + 2\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}\text{m}$
  - $84\text{cm} + 7\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}\text{cm}$
  - $38\text{cm} - 26\text{cm} = \underline{\hspace{2cm}}\text{cm}$
  - $97\text{m} - 45\text{m} = \underline{\hspace{2cm}}\text{m}$
- Bakka duwwaa armaan gadii deebii sirrii ta'een guuti.
  - $29\text{cm} + \underline{\hspace{1cm}}\text{cm} = 49\text{cm}$
  - $\underline{\hspace{1cm}} + 15\text{m} = 48\text{m}$
  - $72\text{cm} + \underline{\hspace{1cm}}\text{cm} = 88\text{cm}$
  - $39\text{cm} + \underline{\hspace{1cm}}\text{cm} = 69\text{cm}$
- Daraartuun siinqee dheerinni 160cm ta'e qabatti. Ayyaantuun siinqee dheerinni 170cm ta'e qabatti.
  - Siinqeen Daraartuufi Ayyaantuun qabatan walitti santiimeetiraan hammam?
  - siinqeen Ayyaantuun qabattu kan Daraartuu irra hammam caalaa dheerata?

## 6.3 Hanga Giraamiifi Kiillogiraamiin Safaruu

### Gocha 6.8



- Hanga kee maaliin safaruu dandeessa?
- Hangi kee kiillograamaan hammam ta'a?

### Hubadhu:

Hanga safaruuf kan gargaaran kanneen akka giraamiifi kiillogiraamii dha.

Bakka bu'een giraamii (g) fi kan kiillogiraamii (kg) ta'a.

$$1\text{kg} = 1000\text{g}$$

Safartoonni aadaa hanga waan tokkoo ittiin safarru kanneen akka **qunnaa, qalqalloo, buqqee**fi kanneen kana fakkaatanidha.

### Fakkeenya 7

Kanneen armaan gadii barbaadi.

1. Garbuu buqqee 4 fi garbuu buqqee 6 walitti garbuu buqqee meeqa?
2. Xaafii qunnaa 20 fi xaafii qunnaa 30 walitti xaafii qunnaa meeqa ta'a?
3. Nuugii qalqalloon 25 fi nuugii qalqalloon 50 walitti nuugii qalqalloo meeqa ta'a?
4. Fufaan garbuu qalqalloo 70 galfate keessaa qalqalloo 10 namoota harka qalleeyyiif kenne. Fufaan garbuu qalqalloo meeqa ofiisaaf hambifate?

### Furmaata

1. Garbuu buqqee  $4 +$  garbuu buqqee  $6 =$  garbuu buqqee 10 ta'a.
2. Xaafii qunnaa  $20 +$  xaafii qunnaa  $30 =$  xaafii qunnaa 50 ta'a.
3. Nuugii qalqalloon  $25 +$  nuugii qalqalloon  $50 =$  nuugii qalqalloo 75 ta'a.
4. Fufaan garbuu qalqalloo 70 galfatte.

Fufaan garbuu qalqalloo 10 harka qalleeyyiif kenne.

Garbuun Fuufaaf hafe argachuuf; baay'ina garbuu qalqalloon galfate irraa baay'ina garbuu qalqalloon hirphe hir'ifneeti.

Kanaafuu,  $70 - 10 =$  qalqalloo 60 ta'a.

### Gilgaala 6.3

1. Kanneen armaan gadii barbaadi.
  - a. Margaan qamadii qunnaa 10 fi xaafii qunnaa 20 mana baaburaa midhaan daakutti geessee daaksifate. Margaan walitti miidhaan qunnaa hammam daaksifate?
  - b. Obseen boqqolloo qalqalloo 50 galfattee keessaa qalqalloo 10 gabaa baastee gurguratte. Obseen boqqolloo qalqalloo meeqatu manatti isheef hafe?



2. Gaadiseen muuzii 2kg bitatte. Kuulaniin muuzii 1kg bitatte. Gaadiseefi Kuulanii keessaa eenyutu muuzii kiilooiraama guddaa bitate?
3. Gammachuufi Tolaan xaafii 40kg baatanii mana daakuu midhaanii deeman. Tolaan 21kg baate. Tolaamoo Gammachuutu caalmaa baate?
4. Hanga wantoota armaan gadii safaruuf yuunitiin hangaa keessaa kan mija taa ta'e barreessi.  
a. Qubeellaa qubaa    b. Warqee mormaa    c. Sukkaara    d. Xaafii

## 6.4 Ida'uufi Hir'isuu Hangaa Yuunitoota


### Walfakkaataa

#### Gocha 6.9

Hanga ulfaatina barattoota lamaa gaafadhu. Ulfaatinni isaanii hammam akka walcaalu kiilooiraamaan ibsi.

#### Fakkeenya 9

Obbo Abdiin maatii isaaf burtukaana kiilooiraama 2 fi loomii kiilooiraama 2 bite. Obbo Abdiin walumatti fudura kiilooiraama hammamii maatii isaaf bite?



#### Deebii

Burtukaana 2kg + Loomii 2kg = Fudura 4kg

**Fakkeenya 10**

Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

a.  $2g + 5g = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $8kg + 4kg = \underline{\hspace{2cm}}$

c.  $14g + 9g = \underline{\hspace{2cm}}$

d.  $18kg + 21 kg = \underline{\hspace{2cm}}$

**Deebii**

a.  $2g + 5g = 7g$

b.  $8kg + 4kg = 12kg$

c.  $14g + 9g = 23g$

d.  $18kg + 21kg = 39kg$

**Fakkeenya 11**

Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

a.  $8g - 2g = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $13g - 3g = \underline{\hspace{2cm}}$

c.  $27kg - 5kg = \underline{\hspace{2cm}}$

d.  $36kg - 25kg = \underline{\hspace{2cm}}$

**Deebii**

a.  $8g - 2g = 6g$

b.  $13g - 3g = 10g$

c.  $27kg - 5kg = 22kg$

d.  $36kg - 25kg = 11kg$

**Gilgaala 6.4**

1. Kanneen armaan gadii ida'i.

a.  $7kg + 8kg = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $38kg + 29kg = \underline{\hspace{2cm}}$

c.  $48kg + 45kg = \underline{\hspace{2cm}}$

d.  $20g + 50g = \underline{\hspace{2cm}}$

e.  $47kg + 34kg = \underline{\hspace{2cm}}$

f.  $81kg + 19kg = \underline{\hspace{2cm}}$

2. Kanneen armaan gadii hir'isi.

a.  $6kg - 4 kg = \underline{\hspace{2cm}}$

b.  $17g - 9 g = \underline{\hspace{2cm}}$

c.  $88kg - 39 kg = \underline{\hspace{2cm}}$

d.  $52kg - 41 kg = \underline{\hspace{2cm}}$

e.  $86kg - 79 kg = \underline{\hspace{2cm}}$

f.  $63kg - 15 kg = \underline{\hspace{2cm}}$

3. Addee Jaallanneen gabaa ba'anii qamadii 25kg, xaafii 56kg fi boqqolloo

23kg bitan. Aadde Jaallanneen:

- a. Boqqolloofi qamadii walitti hammam bitan?
  - b. Xaafiifi qamadii walitti hammam bitan?
  - c. Xaafiifi boqqolloo walitti hammam bitan?
4. Magartuun mucaa ishee wajjiin 69 kg ulfaatti. Mucaan ishee qofaa isaa 3kg ulfaata. Hangi Magartuu hammami?

## 6.5 Qabee Dhangala'oo Miliilitiriifi Litiriin Safaruu

### Gocha 6.10

1. Bishaan burcuqqoo guutuu isaa safaruun gara joogiitti galagalchi. Meeqa isaatu joogicha guuta?



2. Guyyaatti bishaan liitirii meeqa dhugda?
  - Namoonni durii osoo meeshaaleen safartuu qabee ammayyaa hin dhufiin dura safartoota kanneen akka **okkotee, gaanii, xuwwee, waancaa, hubboofi** kanneen kana fakkaatan fayyadamaa turan.

### Fakkeenya 12

Guutaan yeroo hunda guyyaa tokkotti bishaan jarkaani 3 waraaba. Guyyaa afur keessatti jarkaani meeqa waraaba?

### Furmaata

Guutaan guyyaa tokkotti bishaan jarkaani 3 waraaba.

Guyyaa 4 keessatti immoo bishaan jarkaani  $4 \times 3 = 12$  waraaba.

### Fakkeenya 13

Caaltuun damma daammuu qaruuraa lama bitatte. Magartuun damma daammuu qaruuraa sadii bitatte. Caaltuufi Magartuun walitti damma daammuu qaruuraa meeqa bitatan?

#### Furmaata

Caaltuun damma daammuu qaruuraa 2 fi Magartuun damma daammuu qaruuraa 3 bitatan. Walitti kan isan bitatan damma daammuu qaruuraa  $2 + 3 = 5$  ta'a.

### Fakkeenya 14

Obbo Baacaan miseensa maatii shan qaba. Tokkoon tokkoo miseensa maatii isaa shananiif guyyaatti aannan shiinii lama yoo barbaachise torbaan tokkotti aannan shiinii hammam isaan barbaachisa?

#### Furmaata

Obbo Baacaan miseensa maatii 5 qaba. Tokko tokkoo miseensa maatiif guyyaatti aannan shiinii 2 barbaachisa. Guyyaa tokkotti aannan shiinii  $5 \times 2 = 10$  barbaachisa.

Torbaan tokkotti obbo Baacaan aannan shiinii  $10 \times 7 = 70$  maatii isaanii barbaachisa.

- Safartoonni ammayyaa qabee dhangaala'oo ittiin safarru keessaa **miliilitiriifi liitirii** dha.
- Dhangala'oota qabee xiqqoo ta'an safaruuf yuunitii miliilitiriitti ( $m \ell$ ) gargaaramna. Dhangala'oota qabee guddaa ta'an immoo liitiriin ( $\ell$ ) safarra. Dhangala'oon kanneen **bishaan, zayitii, aannan, boba'aa adda addaa, daadhii** fi kan kana fakkaatani dha.

**Hubadhu**

Yuunitiin safara dhangala'oo liitirii jedhama.

Liitiriin gabaabaatti ( $\ell$ ) jedhamee barreeffama.

Liitirri tokko walqixa miililitira 1000 ta'a.

$$1\ell = 1000m\ell$$

**Gilgaala 6.5**

1. Galaneefi Guddinaan daree barnootaa isaanii qulqulleessuuf bishaan waraabanii fidan. Galaaneen liitirii 2 fi Guddinaan liitirii 3 fidan. Eenyutu bishaan liitirii xiqqaa fide?
2. Addee Gammadeen namoota 4 farsoo waancaa sadi sadii afeerte. Adde Gammadeen walumatti farsoo waancaa meeqa namoota arfan afeerte?
3. Meeshaalee maatiinkee bishaan ittiin waraabbatan barreessi.

**6.6 Ida'uufi Hir'isuu Qabee Yuunitoota****Walfakkaataa****Fakkeenya 15**

Gadaan aannan miililitira 300 burcuqqoo keessaa baaldiitti garagalche akkasumas aannan miililitira 500 joogii keessaa baaldii duraatti garagalche. Walumaagalatti Gadaan aannan miililitira meeqa baaldiitti garagalche?

**Furmaata:****Burcuqqoo****Joogii****Baaldii**

300mℓ

+

500mℓ

=

800mℓ

**Fakkeenya 16**

Kanneen armaan gadii yuunitii kenname irratti hundaa' uun ida'i.

**a.**  $5\ell + 2\ell = \underline{\hspace{2cm}}$       **b.**  $59m\ell + 30m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$       **c.**  $43m\ell + 75m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

**Furmaata**

**a.**  $5\ell + 2\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

Kana barbaaduuf jalqaba 5 fi 2 walitti idaana. Itti aansuun yuunitii itti maxxansina. Kanaafuu,  $5\ell + 2\ell = 7\ell$  ta'a.

**b.**  $59m\ell + 30m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

Kana barbaaduuf jalqaba 59 fi 30 walitti idaana. Itti aansuun yuunitii itti maxxansina. Kanaafuu,  $59m\ell + 30m\ell = 89m\ell$  ta'a.

**c.**  $43m\ell + 75m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

Jalqaba 43 fi 75 walitti idaana. Itti aansuun yuunitii itti maxxansina.

Kanaafuu,  $43m\ell + 75m\ell = 118m\ell$  ta'a.

**Fakkeenya 17**

Kanneen armaan gadii yuunitii kenname irratti hundaa' uun hir'isi.

**a.**  $8\ell - 3\ell = \underline{\hspace{2cm}}$       **b.**  $19m\ell - 7m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$       **c.**  $34\ell - 27\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

**Furmaata**

**a.**  $8\ell - 3\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

Jalqaba 8 fi 3 walirraa hir'isi. Itti aansuun yuunitii itti maxxansi.

Kanaafuu,  $8\ell - 3\ell = 5\ell$  ta'a.

**b.**  $19m\ell - 7m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

Jalqaba 19 fi 7 walirraa hir'isi. Itti aansuun yuunitii itti maxxansi.

Kanaafuu,  $19m\ell - 7m\ell = 12m\ell$  ta'a.

**c.**  $34\ell - 27\ell = \underline{\hspace{2cm}}$

Jalqaba 34 fi 27 walirraa hir'isi. Itti aansuun yuunitii itti maxxansi.

Kanaafuu,  $34m\ell - 27m\ell = 7m\ell$  ta'a.

## Fakkeenya 18

Obbo Lataan konkolaataa isaatiif guyyaa tokkotti boba'aa liitirii 15 fayyadama. Obbo Lataan guyyaa sadiif yoo daandii deeme boba'aa liitirii meeqa isa barbaachisa?

### Furmaata

Guyyaa tokkotti boba'aa liitirii 15 fayyadama.

Guyyaa 3 keessatti boba'aaliitirii;  $15\ell + 15\ell + 15\ell = 45\ell$  fayyadamu.

## Gilgaala 6.6

- Kanneen armaan gadii yuunitii siif kenname irratti hundaa'uun ida'i.
 

a. $54\ell + 24\ell = \underline{\hspace{2cm}}$	b. $89m\ell + 11m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
c. $67\ell + 31\ell = \underline{\hspace{2cm}}$	d. $38m\ell + 49m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
- Kanneen armaan gadii yuunitii siif kenname irratti hundaa'uun hir'isi.
 

a. $26\ell - 5\ell = \underline{\hspace{2cm}}$	b. $87m\ell - 19m\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
c. $75\ell - 14\ell = \underline{\hspace{2cm}}$	d. $34\ell - 15\ell = \underline{\hspace{2cm}}$
- Caaltuun Wixata aannan liitirii 17, kibxata liitirii 24 fi Roobii liitirii 19 gurgurte. Walumatti aannan liitirii meeqa gurgurte?
- Saani tokko guyyaatti aannan liitirii 4 elmamti yoo ta'e guyyoota 20 keessatti hammam elmamti?

## BOQONNAA

7



Maango Muuzii Appilii Burtukaana

## QABANNAA DAATAA

### 7.1 Daataa Funaanuu

#### Gocha 7.1


1. Maatiinkee ijoollee meeqa qabu?
2. Obboleettiwwan meeqa qabda?
3. Obboleewwan meeqa qabda?
4. Baay'inni barattoota daree keemeeqa? Baay'ina dubarootaafi dhiirotaadda baasi.

#### Fakkeenya 1

Horiin obbo Gurmuufi obbo Mootii baay'ina jabbilee, saawwan, sangootaafi hoolota akka danaa armaan gadiitti dhiyaatee jira.

- a. Baay'inni saawwaniifi sangoota obbo Gurmuun qabani walitti meeqa ta'a?
- b. Baay'inni hoolota obbo Gurmuufi obbo Mootii walitti meeqa ta'a?





## Furmaata

a. Baay'inni saawwan obbo Gurmuu 3

Baay'inni sangoota obbo Gurmuu 3

Baay'inni saawwaniifi sangoota obbo Gurmuu walitti  $3 + 3 = 6$

b. Baay'inni hoolota obbo Gurmuu 4.

Baay'inni hoolota obbo Mootii 3 ta'a.

Baay'inni hoolota obbo Gurmuufi obbo Mootii walitti  $4 + 3 = 7$  ta'a.


## Hubadhu

Gabateen armaan gadii mallattoo taalii lakkoofsaa ibsuu agarsiisa.









<b>Taalii</b>	/	//	///	////	#####
<b>Lakkoofsaan</b>	1	2	3	4	5

## Fakkeenya 2

Fuduraalee armaan gadii baay'ina isaanii taaliifi lakkoofsaan ibsi.




**Furmaata**

Gosa Kuduraa	Taalii	Lakkoofsaan
 Appilii		5
 Anaanaasii		4
 Burtukaana		3
 Muuzii		3

### Fakkeenya 3

Tokkoon tokkoon baay'ina fakkiilee armaan gadii taaliifi lakkoofsaan kaa'i.








### Furmaata

Gosa Fakkii						
Taalii						
Lakkoofsa	5	3	4	3	3	2

### Gilgaala 7.1

1. Naabeek barataa kutaa lammaffaa mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Abdii Boruuti. Naabeek ji'a Waxabajjii keessa Wixataa hamma Jimaatatti akka armaan gadiitti bilqituu dhaabe. Daataa kana taaliifi lakkoofsaan lakkaa'uun barreessi.

Guyyaa	Biqlituu Fakkiin	Taalii	Lakkoofsa
Wixata			
Kibxata			
Roobii			
Kamisa			
Jimaata			

2. Iftuun barattuu cimtuudha. Battallee gosa barnoota Herregaa, Gadaa, Afaan Ingiliizii, Afaan Oromoofi Saayinsii Naannoo 10 keessaa qoramtee qabxii 10, 9, 7, 9 fi 8 walduraa duubaan galmeessifte.

- Iftuun gosa barnootaa isa kamiin qabxii olaanaa fidde?
- Iftuun gosa barnoota isa kamiin qabxii gad aanaa fidde?


## 7.2 Giraafota Fakkii Irraa Daataa Ramaduu





### Gocha 7.2

Baay'ina barattoota daree keessanii keessaa kanneen maqaa isaanii beektu barreessi.

### Fakkeenya 4


Barattoonni 15 fuduraalee armaan gadii yoo bitataniifi tokkoon tokkoon isaanii fuduraa 1 qofaa yoo bitatan, daataa kana giraafii fakkiin agarsiisi.



<b>Gosa fuduraa</b>	<b>Baay'ina Fuduraalee</b>
Appilii	
Muuzii	
Anaanaasii	
Burtukaana	


## Fakkeenya 5

Akkuma fakkii armaan gadii irraa argitan obbo Caalaan kormaa Indaanqoo 4, Sawwan 5, Gaalota 3, Harroota 2, Saroota 2 fi Hilleesso 2 qaba. Daataa kana giraafiin agarsiisi.




### Fakkeenya 6

Fakkiilee armaan gadii giraafiin ramadi.



### Gilgaala 7.2


Bocoota armaan gaditti kenname giraafiin ramadi.



## 7.3 Wantoota Fayyadamuun Daataa Gurmeessuu

### Fakkeenya 7

Giraafii fakkii kennamee fayyadamuun gaaffilee armaan gadii deebisi.



- a. Maangoo meeqatu jira?
- b. Muuzii meeqatu jira?
- c. Appilii meeqatu jira?
- d. Burtukaana meeqatu jira?


### Furmaata

- a. Maangoo 6tu jira.
- b. Muuzii 5tu jira.
- c. Appilii 4tu jira.
- d. Burtukaana 4tu jira.



**Gilgaala 7.3**


Giraafiin armaan gadii fedhii ijoollota fuduraalee nyaachuuf qaban agarsiisa.  
Giraaficha fayyadamiitii gaaffilee armaan gadii deebisi.



- Ijoollonni caalmaatti fudura isa kam jaallatu?
- Baay'inni ijoollee maangoofi appilii jaallatan meeqa?
- Baay'inni ijoollee burtukaana jaallatan meeqa?
- Baay'inni ijoollota muuziifi maangoo jaallatan meeqa?

# BOQONNAA

# 8



## BOCOOTA JI'OOMEETIRII



### 8.1 Ramaddii Bocoota Diyaameenshinii Lamaa Yaadaan Mul'isuu

#### Gocha 8.1


1. Wantoota daree barnootaa keessan keessatti argaman keessaa boca walfakkaataa kanneen qaban gareen irratti mari'adhaa.
2. Waraqa tokko boca garaagaraa hamma dandeessanitti dachaasaa. Gareen walitti agarsiisuun baay'ina bocoota gosa adda addaa argattan gabaasaa.

#### Gilgaala 8.1

1. Danaalee armaan gaditti kennaman roga isaanii irratti hundaa' uun rog-sadeefi rog-arfee jalatti ramadi.



2. Fakkii armaan gadii ijaaruuf bocoota gargaaraniifi baay'ina isaanii himi.




## 8.2 Bocoota Rogootaafi Varteeksota Isaaniitiin Ibsuu

### Gocha 8.2

1. Dabtara, kitaabni, minjaalliifi sarartuun roga qabuu? Varteeksota hoo? Yoo qabu jettan walitti agarsiisaa.
2. Fuula dabtara kee keessaa waraqaa tokko yoo murte roga meeqa argatta?






### Hubachiisa

Rogaafi varteeksii haala armaan gadiin danaa agarsiifamee jira.





**Gilgala 8.2**

1. Bocoota armaan gaditti kennaman baay'ina rogootaafi varteeksotaa guuti.

Boca	Baay'ina Rogaa	Baay'ina Verteksii
		
		
		
		
		

2. Bocoota armaan gaditti kennaman baay'ina rogootaa qaban irratti hundaa'uun maqaa moggaasi.




## 8.3 Danaalee Walfakkaatoo Hamma Isaaniitiin Waliin Madaaluu

### Gocha 8.3


Minjaalota sadan hamma isaaniitiin yoo waliin madaaltu:

- a. kamtu hunda caala guddaa dha?
- b. kamtu xiqqaa dha?





### Gilgaala 8.3

1. Danaalee cimdii armaan gadii keessaa kamtu irra guddaa dha?




2. Danaalee armaan gadii hamma isaanii irraatti hundaa'uun xiqqaa gara guddaatti qubee tartiibessi.





3. Fakkiiilee armaan gadii kanneen walfakkaatan walitti fiduun xiqqaa gara guddaatti tartiibessi.



## 8.4 Danaalee Jaboo Adda Baasuu

Maqaalee danaalee jabootiin walbaruu;



Kiyuubii



Piriizimii  
Rektangulaawaa



Silindarii



Koonii



Isfiirii


























## Gocha 8.4

Wantootaa naannoo keessanitti argaman keessaa boca danaalee kennamaniin walfakkaatan barreessi.
















TL	Danaalee Jaboo	Fakkeenya danaalee Jaboo
1	Pirizimii Reektaagulaawaa	
2	Isfirii	
3	Kiyuubii	
4	Siliindarii	
5	Koonii	

## Gilgaala 8.4

1. Wantoota gabatee karaa mirga kennaman keessaa kan fakkii danaalee jaboo kennameen walfakkaatu irra mari.

a.	 Pirizimii reektaangulaawaa				
b.	 Isfirii				
c.	 Siliindarii				
d.	 Kiyuubii				
e.	 Koonii				

2. Fakkiilee armaan gaditti kennaman keessaa maqaalee tarreeffamaniin walfakkaataan iddoo duwwaatti qubee isaanii barreessi.

a. 	b. 	c. 	d. 	e. 
f. 	g. 	h. 	i. 	j. 
k. 	l. 	m. 	n. 	o. 

**Kiyuubii:** \_\_\_\_\_

**Koonii:** \_\_\_\_\_

**Isfiirii:** \_\_\_\_\_

**Siliindarii:** \_\_\_\_\_

**Piriziimii Reektaangulaawaa:** \_\_\_\_\_



# BOQONNAA

# 9



## SHARAF MAALLAQA ITOOPHIYAA

### 9.1 Maallaqa Itoophiyaa Fayyadamuun Maallaqa Ida'uufi Hir'isuu

#### Gocha 9.1

Noottiiwwan armaan gaditti kenname irraatti gareen mari'achuun ida'ama qarshii barreessaa.

a.  +  = Qarshii = \_\_\_\_\_

b.  +  = Qarshii = \_\_\_\_\_

## Maqaa Dinaarota Itoophiyaa

	Gosa Dinaaraa	Fakkii Dinaaraa
1.	Dinaara abbaa saantima tokkoo.	
2.	Dinaara abbaa saantima shanii.	
3.	Dinaara abbaa saantima kudhanii.	
4.	Dinaara abbaa saantima digdamii shanii.	
5.	Dinaara abbaa saantima shantamaa.	
6.	Dinaara abbaa saantima dhibbaa ( qarshii 1 )	

### Hubadhu

- ☞ *Qarshiin 1 = Saantima 100.*
- ☞ *Qarshiin 1 = Dinaara abbaa saantima shanii 20.*
- ☞ *Qarshiin 1 = Dinaara abbaa Saantima kudhanii 10.*
- ☞ *Qarshiin 1 = Dinaara abbaa saantima digdamii shanii 4.*
- ☞ *Qarshiin 1 = Dinaara abbaa saantima shantamaa 2.*

### Fakkeenya 1

Dinaarri abbaan saantima 5'n tokko dinaara abbaa saantima tokkoo meeqaan jijjiirama?

#### Deebii

Dinaarri abbaa saantima 5 tokko, dinaara abbaa saantima tokkoo 5tti sharafama. Akkamitti? Kan jedhuuf fakkii armaan gadii ilaali.



### Fakkeenya 2

Dinaarri abbaan saantima 25'n tokko dinaara abbaa saantima 5'n meeqaan jijjiirama?

#### Deebii

Dinaara abbaa saantima 25 tokko, dinaara abbaa saantima shanii 5tti sharafama. Akkamitti? Kan jedhuuf fakkii armaan gadii ilaali.









### Fakkeenya 3

Dinaarri abbaan qarshii 1, dinaara abbaa saantima 10 meeqaan jijjiirama?

#### Deebii

Dinaara abbaa qarshii 1, saantima abbaa kudhanii 10tti sharafama. Akkamitti? Kan jedhuuf fakkii armaan gadii ilaali.

										
10s	10s	10s	10s	10s						
										
10s	10s	10s	10s	10s						
20s	+	20s	+	20s	+	20s	+	20s	=	100s yookaan qarshii 1

### Fakkeenya 4

Dinaarri abbaan qarshii 1, dinaara abbaa saantima 50 meeqatti sharafama?



### Deebii



Dinaarri abbaa qarshii 1 dinaara abbaa saantima shantamaa 2tti sharafama.

Akkamitti? Kan jedhuuf fakkii armaan gadii ilaali.

			
50s	+	50s	= 100s yookaan qarshii 1




### Noottota qarshii Itoophiyaa

lakkoofsa	Gosa Noottii	Fakkii Noottii
1	Noottii abbaa qarshii shanii	
2	Noottii abbaa qarshii kudhanii	
3	Noottii abbaa qarshii shantamaa	

4	Noottii abbaa qarshii dhibbaa	
5	Noottii abbaa qarshii dhibba lamaa	

### Fakkeenya 5

Noottota abbaa shantamaa lama yoo walitti idaatu noottii abbaa qarshii dhibbaa meeqa argatta?

		
<b>Deebii</b> Qarshii = 50	+	Qarshii = 50 = Qarshii100

### Fakkeenya 6

Noottota armaan gadii walitti Ida'i. Qarshii meeqa argatte?

		
Qarshii 50	Qarshii 50	Qarshii 100
		
	Qarshii 5	Qarshii 5
<b>Qarshii 50</b>	+	<b>Qarshii 55 = Qarshii 105</b>

## Gilgaala 9.1

1. Noottota qarshii armaan gadii ida'i.
  - a. Qarshii 2 + Qarshii 5 = Qarshii \_\_\_\_\_
  - b. Qarshii 40 + Qarshii 55 = Qarshii \_\_\_\_\_
  - c. Qarshii 19 + Qarshii 62 = Qarshii \_\_\_\_\_
  - d. Qarshii 43 + Qarshii 37 = Qarshii \_\_\_\_\_
2. Noottota qarshii armaan gadii wal irraa hir'isi.
  - a. Qarshii 70 – Qarshii 30 = Qarshii \_\_\_\_\_
  - b. Qarshii 100 – Qarshii 35 = Qarshii \_\_\_\_\_
  - c. Qarshii 65 – Qarshii 31 = Qarshii \_\_\_\_\_
  - d. Qarshii 74 – Qarshii 56 = Qarshii \_\_\_\_\_
  - e. Saantima 85 – saantima 72 = Saantima \_\_\_\_\_
3. Noottiin abbaa qarshii dhibba lamaa tokko.
  - a. Noottii abbaa qarshii dhibba tokkoo meeqa ta'a?
  - b. Noottii abbaa qarshii shantamaa meeqa ta'a?
  - c. Noottii abbaa qarshii kudhanii meeqa ta'a?
  - d. Noottii abbaa qarshii shanii meeqa ta'a?
4. Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'een deebisi.
  - a. Noottiin abbaa qarshii shanii tokko, dinaara abbaa qarshii 1 meeqa?
  - b. Noottiin abbaa qarshii 100 tokko, noottii abbaa qarshii 10'n meeqa?
  - c. Noottiin abbaa qarshii 50 tokko, noottii abbaa 5'n meeqa?
  - d. Noottiin abbaa qarshii 100 tokko, noottii abbaa qarshii 50 meeqa?

## 9.2 Bittaaafi Gurgurtaa

### Gocha 9.2

- Wantootaa maatiin kee gabaadhaa bitan hiryoota kee faana walitti himaa.
- Wantootaa maatiin kee gabaatti gurguran hiryoota kee faana walitti himaa.

### Fakkeenya 7

Gatiin saamunaa tokkoo qarshii 20 yoo ta'e gatiin saamunoota 4 meeqa ta'a?

### Furmaata

Gatii saamunaa 1 = qarshii 20

Gatii saamunaa 4 = qarshii

Kanaafuu, gatiin saamunaa  $4 \times$  qarshii 20 = qarshii 80

### Fakkeenya 8

Gatiin shaayii shiinii tokkoo qarshii 5 fi gatiin daabboo tokkoo qarshii 10 yoo ta'e, walitti gatiin shaayii fi daabboo hammami?

### Deebii




Gatiin shaayii tokkoo qarshii 5

Gatiin daabboo tokkoo qarshii 10

Walitti gatiin daabboofi shaayii, qarshii  $10 +$  qarshii  $5 =$  qarshii  $15$  ta'a.

## Fakkeenya 9

Gatii waantota armaan gaditti kennamanii irratti hundaa’uun gaaffilee dhiyaataniif deebii kenni.



a. Toltuun qarshii 15 qabdi. Waantota adda addaa sadii tokko tokko bitachuu dandeessu kami?

### Deebii


Qubeessaa, karamellaafi Haqxuu.



b. Ifaan qarshii 87 qaba. Waantota adda addaa lama osoo qarshiin tokko isa hin hafin bitachuu danda’u kami?

### Deebii

kitaabaafi karamella




c. Gammachiis qarshii 23 qaba. Waantota adda addaa lama osoo qarshiin tokko isa hin hafin bitachuu danda’u kami?



## Deebii

### Dabbaraafi Sarartuu



- d. Eebbiseen qarshii 17 qabdi. Waantota adda addaa lama osoo qarshiin tokko ishee hin hafiin bitachuu dandeessu kami?

## Deebii

### Burtukaanaafi karamella



## Gilgaala 9.2

1. Gatiin kitaaba tokkoo qarshii 160. Kitaaba tokko bituuf qarshii 200 yoo kennite, qarshii meeqatu siif deebi'a?
2. Gatiin sukkaara 1kg qarshii 40 yoo ta'e, sukkaarri 2kg qarshii meeqa baasa?
3. Waraqaa akka dinaarotaa fi noottota maallaqa Itoophiyaatti hojjechuun bittaafi gurgurtaa daree keessatti gaggeessaa.

## 9.3 Piroobileemota Jechaa Furuu

### Gocha 9.3

Margaan qarshii abbaa kudhanii 5 fi qarshii abbaa shantamaa 1 qaba.

Margaan walitti qarshii meeqa qaba?

### Fakkeenya 10

Caaltuun hoolaa tokko qarshii 800 tti gurgurte. Guddinaan hoolaa tokko qarshii 750tti gurgure. Gatiin Caaltuun itti gurgurte kan Guddinaa hammamiin caala?

## Furmaata

Caalmaa Caaltuun ittii gurgurte: qarshii 800 – qarshii 750 = qarshii 50 ta'a.

## Fakkeenya 11

Toltuun daabboo kudha shan qarshii 75'n bittee qarshii 100tti gurgurte. Bu'aan Toltuu hammami?

## Furmaata

Toltuun daabboo qarshii 75'n bittee; qarshii 100tti gurgurte.

Bu'aan ishee caalmaa gatii gurgurtaa irraa gatii bittaa ta'a.

Kanaafuu, qarshii 100 – qarshii 75 = qarshii 25 ta'a.


## Gilgaala 9.3

1. Biliseen mana isheetii qarshii 20 fudhattee gabaa deemte. Gabaatti killee qarshii 30'n gurgurte. Biliseen walumaatti qarshii meeqa qabdi?
2. Simboon qarshii abbaa dhibbaa 1 fi qarshii abbaa shantamaa 2 qabdi. Wabiin qarshii abbaa shantamaa 3 fi qarshii abbaa kudhanii 6 qabdi. Siimboofi wabii keessaa eenyutu qarshii baay'ee qaba?
3. Ayyaanaan qarshii abbaa dhibbaa 3 fi abbaa shantamaa 2 qaba.
  - a. Ayyaanaan walumatti qarshii meeqa qaba?
  - b. Qarshii 100'n kitaaba yoo bitate qarshii meeqatu isaaf hafa?
4. Lammiin qarshii abbaa dhibbaa 2 fi abbaa shantamaa 1 qaba. Hawwiin qarshii 200 qabdi. Gammadee kurmaana qarshii ishee Lammiif kennite.
  - a. Lammiifi Gammadee walitti qarshii meeqa qabu?
  - b. Gammadeef qarshii meeqatu hafa?
  - c. Lammiin walumatti qarshii meeqa qaba?

**BOQONNAA**

**10**

Safartuu  
Daqiiqaa



Safartuu  
Sa'aatii


## SAFARA YEROO ITOOPHIYAA

### 10.1 Yeroo Sa'aatiin, Walakkaa Sa'aatiiniifi Kurmaana Sa'aatiin Sa'aatii Anaalogiifi Sa'aatii Dijitaalaa Irratti

#### Gocha 10.1


Mee danaa sa'aatii dhaaba manaa ilaalaa.

1. Kan daqiiqaa lakkaa'u kami?
2. Kan sa'aatii lakkaa'u kami?
3. Dheeraa ta'ee ariifatee kan naanna'u kami?



Fakkiin armaan gadii meeshaa sa'aatii ittiin safarru dha. Meeshichis sa'aatii jedhama. Meeshaa kana irratti xiyya gabaabaa furdaa fi xiyya qallaa dheeraatu mul'ata.

- Xiyyi dheeraan daqiiqaa agarsiisa.
- Xiyyi gabaabaan sa'aatii agarsiisa.



### Fakkeenya 1

Meeshaa kenname irratti xiyyi sa'aatii gara 8 agarsiisa. Kan daqiiqaa immoo 12 agarsiisa. Kunis sa'aatii 8 ta'u agarsiisa. Yommuu dubbifamu sa'aatii saddeeti. Yoo barreeffamu 8:00 ta'a.



### Hubadhu


- Xiyyi sa'aatii ta'ee kan daqiiqaa bitaa irraa gara mirgaatti naanna'u.
- Lakkoofsota walitti aanan lamaan kamiyyuu gidduu daqiiqaa shantu jira.

## Fakkeenya 2

Xiyyi sa'aatii 3 agarsiisa. Kan daqiiqaa immoo 12 agarsiisa. Yoo dubbifamu sa'aatii sadii ta'a. Yoommuu barreeffamu 3:00.







Sa'aatii Anaalogii



Sa'aatii Dijiitaalii

### Gilgaala 10.1

1. Fakkiiwwan sa'aatii armaan gadii sa'aatii meeqaa fi daqiiqaa meeqa akka agarsiisan barreessi.



2. Yeroo kenname xiyyoota sa'aatiifi daqiiqaa hojjechuun agarsiisi.



5:30



7:45



4:15



11:00

## 10.2 Sa'aatiifi Daqiiqaa

### Gocha 10.2

Sa'aatii 1 keessa daqiiqaa meeqatu jira?

### Hubadhu


- Sa'aatiifi daqiiqaan yuunitoota safara yerooti.
- Sa'aatiin 1 = Daqiiqaa 60
- Walakkaan sa'aatii = Daqiiqaa 30
- Kurmaanni sa'aatii = Daqiiqaa 15

### Fakkeenya 3

Danaa sa'aatii armaan gadii irratti hundaa'uun bakka duwwaa armaan gadii guuti.

- a. Xiyyi gababaa furdaan lakkoofsa 12 fi xiyyi qallaa dheeraan 6 yoo agarsiisan sa'aatii \_\_\_\_\_ fi daqiiqaa \_\_\_\_\_ ta'a.

- b. Xiyyi gababaa furdaan lakkoofsa 1 fi xiyyi qallaa dheeraan 3 yoo agarsiise sa'aatii \_\_\_\_\_ fi daqiiqaa \_\_\_\_\_ ta'a?
- c. Xiyyi qallaan dheeraan lakkoofsa 9 yoo agarsiise daqiiqaa \_\_\_\_ ta'a.
- d. Xiyyi qallaan dheeraan lakkoofsa 4 yoo agarsiise daqiiqaa \_\_\_\_ ta'a.



### Deebii

- a. Xiyyi gababaa furdaan lakkoofsa 12 agarsiisee xiyyi qallaa dheeraan 6 yoo agarsiise sa'aatii **12** fi daqiiqaa **30** ta'a.
- b. Xiyyi gababaa furdaan lakkoofsa 1 agarsiisee xiyyi qallaa dheeraan 3 yoo agarsiise sa'aatii **1** fi daqiiqaa **15** ta'a.
- c. Xiyyi qallaan dheeraan lakkoofsa 9 yoo agarsiise daqiiqaa **45** ta'a.
- d. Xiyyi qallaan dheeraan lakkoofsa 4 yoo agarsiise daqiiqaa **20** ta'a.

## Gilgaala 10.2

1. Bakka duwwaa armaan gadii guuti.
  - a. sa'aatiin 1 = daqiiqaa \_\_\_\_\_
  - b. sa'aatiin walakkaan = daqiiqaa \_\_\_\_\_
  - c. sa'aatiin kurmaanni = daqiiqaa \_\_\_\_\_
2. Bakka duwwaa guuti.
  - a. Daqiiqaan 60 = Sa'aatii \_\_\_\_\_.
  - b. Daqiiqaan 30 = \_\_\_\_\_ Sa'aatii.
  - c. Daqiiqaan 15 = \_\_\_\_\_ Sa'aatii.

## 10.3 Piroobileemota Jechaa Yeroo Furuu

### Fakkeenya 4

Manni kitaabaa guyyaa sanbataa sa'aatii afuriif tajaajila kenna. Yoo sa'aatii sadii irratti baname sa'aatii meeqatti cufama?

#### Furmaata

Kan banamu sa'aatii 3 irratti

Sa'aatii afuriif banaa ta'ee tura.

Manni kitaabaa sa'aatii irratti cufamu,  $3:00 + 4:00 = 7:00$  ta'a.

### Fakkeenya 5

Jifaareen laaqana erga nyaattee booda yeroo mara kurmaana sa'aatii tokkoof boqonnaa fudhatti. Jifaareen daqiiqaa hammamiif boqonnaa fudhatti?

#### Furmaata

Jifaareen sa'aatii kurmaanaaf boqonnaa fudhatti.

Kanaafuu, Jifaareen daqiiqaa 15 boqonnaa fudhatte.



### Gilgaala 10.3

1. Ibsaan mana isaatii hamma mana barumsaatti daqiiqaa 30 deema. Sa'aatii meeqa deeme?
2. Dareen barnootaa sa'aatii 2 irratti eegala. Bilbilli inni jalqabaa daqiiqaa 30 dursee bilbilama. Bilbilli inni jalqabaa sa'aatii meeqa irratti bilbilama?
3. Lattuun sa'aatii 8 irratti mana kitaabaa seente. Sa'aatii 2ferga qo'attee booda kurmaana sa'aatii tokkoo miilan deemtee mana isheetti deebite. Sa'aatii meeqa irratti manatti deebite?



**Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2014/2022**

**Herrega**

**Kitaaba Barattootaa**

**Kutaa 2**

**Gatii**